# Kitaaba Dabarsi'ii Ka Qaraa

## Seensa

Kitaaboti dabarsi'ii waan kitaabota Saamu'eliitii fi kitaabota Moototaa keessatti barreeffameeru, haala adda te'een itti deebi'anee himan. Kitaabota dabarsi'ii keessatti mootummaa moototaa ta Israa'elii ilaalchisee yaada gugurdaa lamatti barreeffameera. 1. Mootummaa Israa'eliitii fi mootummaa Yihuda'aa balaan itti bu'ulle, Waaqi waadaa kolbaa ifiitiif gale eegaa akka turee fi karaa kolbaa Yihudaa keessa leetuutiin karoora kolbaa ifiitiif qabu hujii irra akka oolche mudhisa. Barreessaan tana mirkaneessiisaaf hujii gugurdoo Daawitii fi Solomoon hujane, haareffama Iyoosaafix, Hisqiyaasii fi Yosiyaas godhanee fi kolbaa jabaattee Waaqaaf addatante irratti xiyyeeffata. 2. Galma Waaqaa ka Yerusaalem keessaatitti Waaqa waaqonfatiis attam akka jalqabame, keessattuu aadaan dhugeeffanna'aa ta waaqonfatiisaa ta dhaaba hayyootaatii fi Lewwootaa attam akka ijaarante hubachiisa. Galma Waaqaa ka ijaare Solomoon te'ulle, hundee Galma Waaqaatii fi aadaa dhugeeffanna'aa ta waaqonfatiisaa ka hundeesse Daawiti akka te'e hima.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Sanyii Addaamii ta haga mooticha Saa'olii*1:9—9:44*
Du'a Saa'olii*10:1-14*
Bulchiinsa Daawitii*11:1—29:30*
Rakko'oo fi Hujii*11:1—22:1*

# Qophii Ijaarsa Galma Waaqaa*22:2—29:30*

### *Hidda Dhalootaa Addaamiitii Kaasee Haga Abrahaamii*
*(Dad. 5:1-32; 10:1-32; 11:10-26)*

### *Haga Ilmaan Nohii*

1 Addaam abbaa Sheetii ti; Sheet abbaa Enoshii
ti;
2 Enoshi abbaa Qaayinaanii ti; Qayinaan abbaa
Mahalalelii ti; Mahalalel abbaa Yaaredii ti;
3 Yaared abbaa Heenookii ti; Heenokii abbaa
Matusaalaa ti; Matusaalaan abbaa Laamekii ti;
4 Laamekii abbaa Nohii ti; Nohi: Seemi, Kaamii
fi Yaafet uumate.

### *Yaafetoota*

5 Ilmaan Yaafetii: Gomer, Maagoog, Maada'i,
Yaawaan, Tubaal, Meshekii fi Tiiraas.
6 Ilmaan Gomerii: Ashkenaas, Riifaatii fi To-
gaarma'a.
7 Ilmaan Yaawaanii: Eliishaa, Tarshiish, Kitiimii
fi Rodaaniim.

### *Kaamota*

8 Ilmaan Kaamii: Kuushi, Misraayiim, Fuxii fi
Kana'aan.
9 Ilmaan Kuushii: Saabaa, Hawiilaa, Sabtaa,
Ra'imaa fi Sabteka'a. Ilmaan Ra'imaa: Sheebaa fi
Dedaan.
10 Kuushi, Niimrod uumate; Niimrod biyya
lafaa keessatti loltuu jabaa qaraa te'e.
11 Misraayiim Ludiim, Anaamiim, Lehabiim,
Naftuhiim,
12 Fatrusiim, Kasluhiim abbaa worra Filisx-
eemotaatii fi Kaftoriim uumate.

13 Kana'aan Sidoon uumate; Sidoon ilma isaa
angaficha; itti aansee Heet,
14 Yibus, Amooro, Girgaasho,
15 Hiiwo, Arqo, Siino,
16 Arwaado, Simaaroo fi Kamaato uumate.

### *Seemota*

17 Ilmaan Seemii: Elaam, Ashuur, Arfaaksaad,
Ludii fi Aaram. Ilmaan Aaramii: Uz, Hul, Geterii
fi Meshek.
18 Arfaaksaad Shalaa uumate; Shalaan Ebeer
uumate.
19 Ebeer ilmaan lama uumate; bara inni dhalate
kolbaan biyya lafaa waan qoqoodanteef, maqaan
ilma angafichaa, «Feleg*» jedhame; maqaan ob-
boleessa isaalle Yoqxaan.
20 Yoqxaan Almodaad, Sheleef, Hasarmaawet,
Yaaraa,
21 Hadoraam, Uzaal, Diqilaa,
22 Obaal, Abiimaa'el, Sheebaa,
23 Ofiir, Hawiila'aa fi Yobaab uumate; isaan kun
marti ilmaan Yoqxa'aa ti.
24 Hiddi dhaloota Seemii irraa haga Abraamii ka
asii gad jiru: Seem, Arfaaksaad, Shalaa,
25 Ebeer, Feleg, Re'uu,
26 Seruug, Naahor, Taaraa fi
27 Abraam, ka duuba irra «Abrahaam» jedhame.

### *Ilmaan Abrahaamii (Dad. 25:12-16)*

28 Ilmaan Abrahaam: Yisihaqii fi Ishimaa'el.

### *Sanyii Aggaarii*

---

* **1:19** *Feleg:* Afaan Ibrootaatiin *qoqoodamiisa* jechu'u.

29 Sanyiin isaanii ta asii gad jirtu: ilmi Ishi-
maa'elii angafichi Nabaayoo ti; achiin duuba
Qedaar, Adbi'el, Miibsaam,
30 Miishimaa, Dumaa, Maasaa, Hadaad, Temaa,
31 Yetuur, Nafiishii fi Qedima'a; isaan kun il-
maan Ishimaa'elii ti.

### *Sanyii Qexuuraa*

32 Ilmaan Abrahaamii ta Qexuuraan
gursumeettiin isaaf deette: Zimraan, Yokshaan,
Medaan, Miidiyaan, Ishibaakii fi Shuwa'a. Ilmaan
Yokshaanii: Sheeba'aa fi Dedaan.
33 Ilmaan Miidiyaanii, Efaa, Efer, Henok, Abi-
ida'aa fi Elda'aa. Isaan kun marti sanyii Qex-
uura'aa ti.

### *Sanyii Saara'aa*
### *(Dad. 36:1-19)*

34 Abrahaam, Yisihaq uumate; ilmaan Yisihaqii,
Esaawuu fi Yaaqoob; Yaaqoobiin kun ka duuba
irra, «Israa'el» jedhame.

### *Ilmaan Esaawu'uu*

35 Ilmaan Esaawu'uu: Eliifaaz, Rewu'el, Ye'ush,
Yaa'alamii fi Qoraahi.
36 Ilmaan Eliifaazii: Temaan, Omaar, Zafoo,
Gaataam, Qenaz; Tiimnaa irraa Amaaleqi uu-
mate.
37 Ilmaan Rewu'elii: Naahaat, Zeraa, Shama'aa
fi Miiza'a.

### *Kolbaa Jalqaba Edoom Keessa Qubatte*
### *(Dad. 36:20-30)*

38 Ilmaan Se'iirii: Loxaan, Shobaal, Zibe'on,
Aannaa, Diishon, Ezerii fi Diishaan.
39 Ilmaan Loxaanii: Hoorii fi Hemaam; ob-
boleettiin Loxaanii Tiimna'a.

40 Ilmaan Shobaalii: Alwaa, Manahaat, Ebaal,
Shefoo fi Onaam. Ilmaan Zibe'onii: Ayyaa fi
Aanna'a.
41 Ilmi Aanna'aa Diishon. Ilmaan Diishonii:
Hemdaan, Eshibaan, Yitraanii fi Keraan.
42 Ilmaan Ezerii: Bilhaan, Zaawaanii fi Aqaan.
Ilmaan Diishaanii: Uzii fi Aaraan.

*Mootota Lafa Edoomii*
*(Dad. 36:31-43)*

43 Kolbaa Israa'elii irratti mootiin tokkolle
mootii te'ee adoo hin bulchiniin dura, moototi
lafa Edoomii irratti mootii te'anee bulchane ka
asii gad jiranu: Ilma Be'orii Belaa, ka maqaan
qachaa isaa, «Diinhaabaa» jedhame.
44 Yennaa Bel'aan du'e, ilmi Yobaabii Zeraan
nami qachaa Bozra'aa addee isaatitti mootii te'ee
bulche.
45 Yennaa Yobaab du'e, Hushaam nami lafa
Temaanaa addee isaatitti mootii te'e.
46 Yennaa Hushaam du'e, ilmi Bedadii Hadaad
ka lafa Mo'aabiititti worra Miidiyaanii injifate
addee isaatitti mootii te'ee bulche; maqaan
qachaa isaa, «Awiit» jedhama.
47 Yennaa Hadaad du'e, nami biyya Masreqaa
Samlaan addee isaatitti mootii te'ee bulche.
48 Yennaa Samlaan du'e, nami biyya Rehobotii
ka laga Efraaxiisii biraa Shaawul addee isaatitti
mootii te'ee bulche.
49 Yennaa Shaawul du'e, ilmi Akborii Ba'aal-
Hanaan addee isaatitti mootii te'ee bulche.
50 Yennaa Ba'aal-Hanaan du'e, Hadaad addee
isaatitti mootii te'ee bulche; maqaan qachaa isaa
Phaayi; maqaan haadha manaa isaa Mahexaabel;
isiin intala Maxiredii akkoo Mezahabii ti.
51 Hadaadille du'e.

Worri lafa Edoomiititti sooreyyii gosaa te'ane:
Tiimnaa, Alwaa, Yetet,
52 Oholiibaamaa, Elaa, Phiinon,
53 Qenaz, Temaan, Miibzaar,
54 Magdii'elii fi Iraam. Isaan kun sooreyyii gosa
Edoomii ti.

# 2

*Ilmaan Israa'elii*
1 Ilmaan Yaaqoobii ka «Israa'el» jedhamee, ka
asii gad jiranu: Ruuben, Shimi'oon, Lewwii, Yihu-
daa, Yisaakor, Zebuloon,
2 Daan, Yoseef, Beniyaamin, Niftaalem, Gaadii fi
Asheer.

*Yihudaa*
3 Ilmaan Yihuda'aa: Eer, Onaanii fi Shela'a.
Isaan sadiin kana, dubartii biyya Kana'aanii ta,
«Baat-Shuwaa» jedhantu irraa uumate; ilmi Yi-
huda'aa angafichi Eer Mootii Waan Maraa duratti
nama hamaa waan te'eef, Mootiin Waan Maraa
isa ijjeese.
4 Taamaar haati manaa ta ilma isaa ammoo
Faaresii fi Zaaraa isaaf deette; Yihudaan
wolumatti ilmaan shan qabaayyu.
5 Ilmaan Faaresii: Hezronii fi Hamul.
6 Ilmaan Zaara'aa: Ziimri, Etaan, Hemaan,
Kalkoolii fi Darda'a. Isaan wolumatti nama shan.
7 Ilmi Karmii: Akaan ka waan ijjumaa balleef-
famu'uu male hatee fudhatiisaan, Israa'el irratti
rakkinna fide.
8 Ilmi Etaaniille Azaariya'a.

*Hidda Dhaloota Maatii Mooticha Daawitii*
9 Ilmaan Hezron uumate: Yeraami'el, Raamii fi
Kaaleb.

10 Raam Aminaadaab uumate; Aminaadaabille
sooressa kolbaa Yihuda'aa Nahasoon uumate.
11 Nahasoon Salmoon uumate: Salmoon Bo'az
uumate.
12 Bo'az Obed uumate; Obed Isey uumate.

13 Isey ilmaan torba uumate; angafichi Eliiyaab,
ka lammeesso'oo Abinaadaab, ka sadeesso'oo
Shimi'aa,
14 ka arfeesso'oo Nataani'el, ka shaneesso'oo
Raadaayi,
15 ka jayeesso'oo Ozeem, ka torbeesso'oo Daaw-
iti.
16 Obboleeyyan isaanii ta durraa Zeruya'aa fi
Abigaayil.

Ilmaan Zeruya'aa sadiin: Abiishaayi, Yo'aabii fi Asaa'el.
17 Abigaayil Amaasaa deette; abbaan isaa
«Yeter» ka jedhamu nama sanyii Ishimaa'elii
ti.

### *Sanyii Kaalebii Ilma Hezronii*

18 Ilmi Hezronii Kaaleb haadha manaa ifii
Azuba'aa fi Yerii'ot irraa ilmaan uumate; ilmaan
Azubaan isaaf deette: Yesher, Shobaabii fi Ar-
doon.
19 Azubaan duuteen duuba, Kaaleb Efraat fu-
udhe; isiin ilma maqaan isaa, «Huur» jedhame
isaaf deette.
20 Huur, Ur uumate; Ur, Bazaali'el uumate.

21 Achiin duuba Hezron yennaa woggaa
jaatama guute, intala Maakiirii abbaa Giil'aadii
fuudhee, isiin ilma maqaan isaa, «Seguub»
jedhame isaaf deette.

22 Seguubille Yaa'iir uumate; Yaa'iir lafa
Giil'aadii keessaa qachoota diddamii sad
qabaayyu.
23 Geshuurii fi Aaram ammoo Hawoot-Yaa'iir,
Qenaatii fi olloota adaala isi'ii woliin qachoota
jaatama irraa fudhatane. Isaan kun martinuu ka
sanyii Maakiirii abbaa Giil'aadii ti.
24 Hezron Kaaleb-Efraata'atti du'een duuba,
haati manaa isaa Abiiyaan ilma isaa Ashuur ab-
baa biyya Teqo'aa isaaf deette.

### *Sanyii Yeraami'elii Ilma Hezronii*

25 Ilmi angafichi Hezronii Yeraami'el ilmaan
jaa qabaayyu; ilmi isaa angafichi Raam; ka isatti
aananu Bunaa, Oreen, Ozeemii fi Ahiiya'a.
26 Yeraami'el haadha manaa dhibii ta, «Ataaraa»
jedhantu qabaayyu; isiin haadha Onaamii ti.
27 Ilmaan Raamii ka ilma angaficha
Yeraami'elii: Maa'aaz, Yaamiinii fi Eker.
28 Ilmaan Onaamii: Shaamaayii fi Yaada'a. Il-
maan Shaamaayii: Naadaabii fi Abiishur.
29 Maqaan haadha manaa Abiishurii Abiihaayil.
Isiin Ahibaanii fi Moliid isaaf deette.
30 Ilmaan Naadaabii: Seleedii fi Aphaayim. Se-
leed ijoollee adoo hin uumatin du'e.
31 Aphaayim Yishii uumate. Yishiin Sheshaanin
uumate. Sheshaan Ahilaayin uumate.
32 Ilmaan Yaadaa obboleessa Shaamaayii:
Yeterii fi Yonaataan. Yeter ijoollee adoo hin
uumatin du'e.
33 Ilmaan Yonaataanii: Pheletii fi Zaaza'a. Isaan
kun sanyii Yeraami'elii ti.
34 Sheshaan ijoollee durraa qofa qaba malee,
ilmaan hin qabu; garuu nama biyya Gibxi'ii ka

maqaan isaa, «Yarhaa» jedhamu garbicha tokko qabaayyu.
35 Maarre Sheshaan intala ifii garbicha ifii
Yarhaa heerumsiise; isiin Ataayin isaaf deette.
36 Aataayi, Naataan uumate. Naataan Zaabaad
uumate.
37 Zaabaad, Eflaali uumate. Eflaal, Obed uu-
mate.
38 Obed, Yehuu uumate. Yehuun, Azaariyaa
uumate.
39 Azaariyaan, Helez uumate. Helez, El'aasaa
uumate.
40 El'aasaan, Siismaay uumate. Siismaay,
Shaalum uumate.
41 Shaalum, Yeqaamiyaa uumate.
Yeqaamiyaan, Eliishaamaa uumate.

### *Sanyii Kaalebii Ta Dhibii*

42 Ilma angaficha Kaalebii, obboleessa Yer-
aami'elii, maqaan isaa Mesha'a. Meshaan, Ziif uumate. Ziif, Mareshaa uumate. Mareshaan, Kebroon uumate.
43 Ilmaan Kebroonii: Qoraahi, Taaphuwaa, Re-
qemii fi Shema'a.
44 Shemaan, Raaham uumate. Raaham,
Yorqe'aam uumate. Reqem, Shaamaay uumate.
45 Shaamaay, Maa'on uumate. Maa'on, Betzuur
uumate.
46 Kaaleb gursumeettii, «Efaa» jedhantu takka
qabaayyu. Isiin Haaraan, Moza'aa fi Gaazez isaaf deette. Haaraanille ilma, «Gaazez» jedhamu uu-
mate.
47 Ilmaan Yaahidaayii: Regem, Yotaam, Ge-
shaan, Phelet, Efa'aa fi Sha'aaf.
48 Gursumeettiin Kaalebii ta dhibiin ta «Ma'aan»
jedhantu: Sheberii fi Tirhaanaa isaaf deette.

49 Isiin dhuma irratti ilmaan lama: Abbaa
qachaa Madmaanaatii Sha'aaf fi abbaa qachaa
Makbenaatii fi Giibe'aa Shewaa isaaf deette.
Kaaleb intala, «Aksaa» jedhantulle qabaayyu.
50 Isaan kun sanyiin Kaalebii ti.

Kaaleb haadha manaa ifii Efraataa irraa ilma
isi'ii angaficha Huur uumate. Ilmaan Huurii
keessaa Shobaal, Kiriiyat-Ya'ariim uumate.
51 Salmoon, Betlihem uumate; Haareef, Bet-
gaader uumate.
52 Sanyiin Shobaalii abbaa Kiriiyat-Ya'ariimii:
Haro'ehiti, gamisa gosa Menuhoototaa ti
53 Gosi Kiriiyat-Ya'ariimii keessa leetu: Yetroota,
Phutoota, Shumaatotaa fi Miishirota; Zoraatotaa
fi Eshtaaloti gosuma worra kanaa ti.
54 Sanyiin Salma'aa: Betlihem, Netofaatota,
Atrot-Bet-Yo'aab, gamisa gosa Maanaheetotaa, Zo-
raatotaa,
55 gosa barreessitootaa worra qachaa Yaabezii
keessa le'u: Tiraasitoota, Shime'aatotaa fi Sukaa-
tota; isaan kun Qenoota worra Hemaatii ka gosa
Rekaabii ti.

# 3

### *Sanyii Mooticha Daawitii*

1 Ilmaan Daawiti yennaa Kebroon keessa jiru
uumate, ta asii gad jirtu: ilmi angafichi Amnoon,
ka Ahiino'aamii Yizre'elittii irraa uumate; ka lam-
meesso'oo Daani'el, ka Abigaayilii Karmelittii ir-
raa uumate.
2 Ka sadeesso'oo Abiishaalom, ka inni Ma'akaa
intala Talmaayii mooticha Geshuurii irraa uu-
mate; ka arfeesso'oo Adoniya'a; ka inni Haagiiti
irraa uumate;

3 ka shaneesso'oo Shefaaxiya'a; ka inni Abiixaal
irraa uumate; ka jayeesso'oo Yitre'aam; ka inni
haadha mana ifii Eglaa irraa uumate.
4 Isaan jaan kun addee inni keessa tee'ee wog-
gaa torbaa fi ji'a jaa bulchetti Kebroon keessatti
isaaf dhalatane.

Inni Yerusaalem keessa tee'ee woggaa soddomii
sad bulche.
5 Ilmaan inni Yerusaalem keessatti uumate ka
asii gad jiranu: Shime'aa, Shobaab, Naataanii fi
Solomoon; isaan arfan kana intala Amii'elii Baat-
Sheebaa irraa uumate.
6 Inni ilmaan dhibiille Yiibhaar, Eliishuwaa, Eli-
ifaalet,
7 Nogaa, Nefeg, Yaafii'aa,
8 Eliishaamaa, Eliyaadaa fi Eliifelex, wolumatti
ilmaan sagal qabaayyu.
9 Ilmaan gursumeeyyi'ii adoo hin
laakkowamin, isaan kun marti ilmaan Daawitii
ti; obboleettiin isaaniille Taamaar.

### *Mootota Yihuda'aa*

10 Ilmi Solomoonii Rehobiyaam; ilmi Reho-
biyaamii Abiiya'a; ilmi Abiiya'aa Aasa'a; ilmi
Aasa'aa Yoshaafaax; ilmi Yoshaafaaxii,
11 Yoraam; ilmi Yoraamii Ahaaziya'a; ilmi
Ahaaziya'aa Yo'aas;
12 ilmi Yo'aasii Amaasiya'a; ilmi Amaasiya'aa
Azaariya'a; ilmi Azaariya'aa Yotaam;
13 ilmi Yotaamii Ahaazi; ilmi Ahaazii Hisqiyaasi;
ilmi Hisqiyaasii Minaase'e;
14 ilmi Minaase'ee Amooni; ilmi Amoonii
Yosiyaas.

15 Ilmaan Yosiyaasii angafichi Yohaannaan; ka
lammeesso'oo Yehoyaaqiim; ka sadeesso'oo Zede-
qiiya'a; ka arfeesso'oo Shaalum.
16 Ilmaan Yehoyaaqiimii: Yehoyaakiinii fi Zede-
qiiya'a.

### *Sanyii Yehoyaakiinii Mootichaa*

17 Ilmaan Yehoyaakiinii mootichaa ka worri
Baabilonii booji'e She'altii'el,
18 Malkiiraam, Phedaayaa, Shenaazaar,
Yeqaamiyaa, Hoshaama'aa fi Nedaabiya'a.
19 Ilmaan Phedaaya'aa: Zarubaabelii fi
Shime'i; ilmaan Zarubaabelii: Meshulaamii fi
Hanaaniya'a; obboleettiin isaaniille Shelomiit.
20 Inni ilmaan dhibiille shan qaba; isaanille:
Hashubaa, Ohel, Berekiiyaa, Hasadiya'aa fi
Yushaab-Hesed.
21 Ilmaan Hanaaniya'aa: Phelaatiya'aa fi
Yeshaa'iya'a; Yeshaa'iyaan Refaayaa uumate;
Refaayaan Arnaan uumate; Arnaan Obaadiyaa
uumate; Obaadiyaan Shekaaniyaa uumate.
22 Ilmi Shekaaniya'aa Shemaa'iya'a. Ilmaan
Shemaa'iya'aa: Haxushi, Yigaal, Baariihaa,
Na'ariiya'aa fi Shaafaax; isaan wolumatti jaa.
23 Ilmaan Na'ariiya'a: Elyo'enaayi, Hisqiyaasii fi
Azriiqaam; isaan wolumatti sad.
24 Ilmaan Elyo'enaayi: Hodaawiyaa,
Eliyaashiib, Phelaayaa, Aquub, Yohaannaan,
Delaaya'aa fi Anaani; isaan wolumatti torba.

## 4

### *Sanyii Yihuda'aa*

1 Ilmaan Yihuda'aa: Faares, Hezron, Karmi, Hu-
urii fi Shobaal.
2 Ilmi Shobaalii Re'aayaan Yaahaat uumate;
Yaahaat Ahumaayii fi Lahadi uumate; isaan kun
fira Zoraatotaa ti.
3 Ilmaan Etaamii: Yizre'el, Yishma'aa fi Yid-
baash; maqaan obboleettii isaanii Hazelelphon.
4 Phenu'el Gidoor uumate; Ezer Hushaa
uumate. Isaan kun ilmaan ilma angaficha
Efraata'aa, abbaa qachaa Betlihemii ka te'e, sanyii
Huurii ti.

5 Ashuur abbaan Teqo'aa, niitii lama Hela'aa fi
Na'araa qaba.
6 Na'araan Ahuzaam, Hefer, Teyimenii fi
Haa'ashtaar isaaf deette. Isaan kun ilmaan
Na'araa ti.
7 Ilmaan Hela'aa: Zeret, Yezohaarii fi Etnaan.

8 Koz abbaa Anubiitii fi Zobeba'aa ti; abbaa fira
sanyii Aariihelii ilma Harumii ti.

9 Yaabez obboleeyyan ifii caalaa nama ulfinna
qabu. Haati isaa, «Ani ciniinsuu jaddu'uun isa
deyeera» jedhiisaan, maqaa isaa, «Yaabez» jette.
10 Yaabez, «Maganne'ee, na eebbisi; lafa bad-
hoolle naa kenni. Harki keeti na woliin jiraatuu
ti; akka isiin farra natti hin finne waan hantuu
irraa na eegi» jedhee, Waaqa Israa'elii gaafate.
Waaqille waan inni gaafate isaaf kenne.

11 Obboleessi Shuka'aa Keluub, abbaa Eshtoonii
Maakiir uumate.
12 Eshtoon ilmaan sad: Betraafaa, Phaaseha'aa
fi Tehiinaa uumate. Tehiinaan abbaa Ir-
naahaashii ti. Isaan worra qachaa Reka'aa keessa
le'e.

13 Qenazii ilmaan lama: Otnii'elii fi Seraayaa
uumate. Otnii'elille ilmaan lama: Katatii fi
Me'onotaayi uumate.
14 Me'onotaayi, Ofraa uumate. Seraayaan, ab-
baa qachaa «Geharaashim*» jedhamuu, ka worri
hujii harkaa huju keessa le'u, Yo'aab uumate;
Yo'aab Geharaashimi uumate; isaan kun worra
hujii harkaa beeku waan te'aneef maqaa kanaan
waamane.
15 Ilmi Yofune'ee Kaaleb ilmaan sad: Iiruu,
Ela'aa fi Naa'aam uumate. Elaan Qenaz uumate.
16 Yihaleli'el ilmaan afur: Ziif, Ziifaa, Tiiriiya'aa
fi Asaare'el uumate.
17 Izraan ilmaan afur: Yeter, Mered, Eferii fi
Yaalon uumate. Isaan kun ilmaan Betiyaa in-
tala mooticha Gibxi'ii ta Mered fuudhee ti; isiin
ulfoottee Miiryaam, Shaamaayii fi Iishiba abbaa
Eshtemo'aa isaaf deette.
18 Niitiin isaa Yihudittiin: Abbaa Gedoorii
Yered, Abbaa Sokoo Heber, Abbaa Zaano'aa Yeku-
tii'el isaaf deette. Isaan kun ilmaan intalti
Fara'oonii Biitiyaan ta Mered fuudhe deette.
19 Ilmaa niitii Hodiiyaa ta obboleettii Nahaamii
Qeyilaa abbaa Gaarimiitii fi Eshtemo'aa
Ma'akichaa ti.
20 Ilmaan Shimoonii: Amnoon, Riinaa, Ben-
haanaanii fi Tiilon; ilmaan Yishii: Zoheetii fi Ben-
Zoheeti.
21 Ilmaan Shelaa ilma Yihuda'aa: Abbaa Lekaa
Eer, abbaa Maresha'aa La'aada'aa fi worra woyaa
quncee talba'aa dansaa irraa hujante ta qachaa
Bet-Ashbe'aatii keessatti hujuu,

---

* **4:14** *Geharaashim: Afaan Ibrootaatiin* Dhooqa worri hujii harkaa beeku keessa le'u jechu'u.

22 Yoqiim, namoota qachaa Kozeba'aa, Yo'aasii
fi Saaraaf ka Mo'aab bulche, Yaashub Lehem fa'a.
[Barreeffam kun ka durii ti.]
23 Isaan kun worra faara dhowu ka qachaa
Nexaayimiitii fi Gedera'aa keessa le'u. Isaan achi
le'anee mooticha tajaajilane.

*Sanyii Shimi'oonii*

24 Ilmaan Shimi'oonii: Nemu'el, Yaamiin,
Yaariib, Zera'aa fi Shaawul.
25 Shaawul Shaalum uumate; Shaalum Miib-
saam uumate; Miibsaam Miishimaa uumate.
26 Sanyii Mishma'aa: Miishimaan Hamu'el uu-
mate; Hamu'el Zaakur uumate; Zaakur Shime'i
uumate.
27 Shime'i ilmaan kudhanii jaa fi ijoollee durraa
jaa uumate; obboleeyyan isaa ijoollee hedduu
hin uumanne; firri isaanii martinuu akka kolbaa
Yihuda'aa hin horre.
28 Qachooti sanyiin Shime'ii keessa le'ane:
Bersheebaa, Molaadaa, Hazarshuwaal,
29 Bilhaa, Ezem, Tolaad,
30 Betu'el, Hormaa, Siiqlaag,
31 Bet-Markaboot, Hazaarsusiim, Bet-Bire'ii fi
Sha'araayiim; haga bara Daawiti mootii te'ee
bulchetti isaan qachoota kana keessa le'ane.
32 Ollooti isaanii shan ka adaala qachoota
kanaa jiranu: Etaam, Aayin, Rimoon, Tokkeenii fi
Ashaan,
33 haga qachaa Ba'aalaatiititti ollooti dhibiille
hin jiran. Qachooti kun addee isaan keessa
qubatanee fi addee isaan galmee hidda dhaloota
ifii itti maffatane.
34 Sooressitooti abbootii fira isaanii:
Meshobaab, Yaamlek, ilma Yosha'aa Amaasiyaa,

35 Yo'el, abuuboo Yoshiibiyaa, akaakoo Ser-
aayaa ilma Asii'elii Yehuu,

36 Elyo'enaayi, Ya'aqobaa, Yishohaayaa,
Ashaayaa, Adii'el, Yesiimii'el, Benaayaa,

37 ilma Shiifii Ziizaa, Ziiza ka Aalonii, Aalon ka
Yedaa'iya'aa, Yedaa'iyaan ka Shiimrii, Shiimri ka
Shemaa'iyaa ti.

38 Worri maqaan isaanii dhowame kun fira
isaanii keessatti worra qondaaltota te'ane;
sanyiin fira isaanii guddoo horte.

39 Isaan horii ifiitiif marra barbaadatiisaaf,
dhooqa san karaa aduun baatu haga seensuma
Gedoorii ideemanee,

40 achitti horii ifiitiif marra bisilee dansaa dhag-
gatane; latti sun lafa akka malee badhoo sarmaa
fi nageya qaddu; sanyiin Kaamii dur achi qubat-
teertiiyyu.

41 Worri maqaan isaanii barreeffame kun bara
Hisqiyaas mootii Yihuda'aa te'eeru dhufanee,
sanyii Kaamii lolanee dunkaanii isaanii diiga-
nee balleessanee, worra Me'unootaa ka achi ji-
ranulle ijjumaa balleessane; tunille haga ad-
haatitti beekkanteerti; isaan horii ifiitiif marra
achitti waan dhaggataneef, addee kolbaa saniititti
qubatane.

42 Sanyii Shimi'oonii keessaa gariin namooti
dhibbi shan, ilmaan Yishii: Phelaatiyaa,
Ne'aariyaa, Refaayaa fi Uzii'el fa'a sooreyyii
godhatanee biyya koobittii Se'iirii qabatane.

43 Amaalеqoota miliqanee hafanelle ijjeesanee,
haga adha achi le'ane.

# 5

*Sanyii Ruubenii*

1 Sanyiin Ruubenii ilma angaficha Israa'elii
isaan kana: Ruuben ilma angaficha; ammoo
waan inni gursumeettii abbbaa ifii takka woliin
rafee rifanoo abbaa ifii batteeseef, angafummaan
isaa ijoollee Yoseefii obboleessa isaatiif kennante;
tanaaf hiddi dhaloota isaa akka angafummaa
isaatitti hin barreeffanne.
2 Yihudaan obboleeyyan ifii caalaa jabaa te'ee,
bulchaan sanyii isaa keessaa dhufulle, angafum-
maan Yoseefiif kennante.
3 Ilmaan Ruubenii ilma angaficha Israa'elii:
Henok, Faluu, Hezronii fi Karmi.
4 Ilmaan Yo'elii: Shemaa'iyaa, Googi, Shime'i,
5 Miikaa, Re'aayaa, Ba'aal,
6 Be'era ka mootichi Asoorii Tiiglaat-Phileeser
booji'ee ideeme. Be'eraan sooressa fira Ruubenii
ti.
7 Hiddi dhaloota maatii isaa gosuma gosaan
galmeeffamaneeran; isaan kunille bulchaa
isaanii Yeyi'el, Zakaariyaas,
8 abuuboo Yo'elii akaakoo Shema'aa ilma
Aazaazii Bela'a. Isaan kun lafa adaala qachaa
Aro'eriitii jalqabanee karaa kaabaatiin haga
Nebootii fi haga Ba'aal-Me'oniititti qubatane.
9 Horiin isaanii lafa Giil'aadii keessatti waan
horeef, isaan karaa aduun baatu, seensuma lafa
goomole'eetii haga laga Efraaxiisii qabatane.
10 Bara Saa'ol mootii te'eeru, isaan fira Ha-
gaarii lolanee injifatanee, addee isaan le'anu lafa
Giil'aadii karaa aduun baatu mara qabatane.

*Sanyii Gaadii*

11 Sanyiin Gaadii lafa fuullee isaanii haga
Saalka'aatitti lafa Baashaanii keessa leete.
12 Bulchaan guddaan Yo'el; ka lammeesso'oo
Shaafaam; achiin duuba Yaanaayii fi Shaafaaxille
Baashaan keessa le'ane.
13 Obboleeyyan isaanii akka maatii isaaniititti:
Mikaa'el, Meshulaam, Sheebaa, Yoraay, Yaakaan,
Zii'aa fi Ebeer; isaan wolumatti torba.
14 Isaan kun Sanyii Abiihaayilii ti: Abiihaayil ka
Huurii, Huur ka Yaarokaa, Yaaroka ka Giil'aadii,
Giil'aad ka Mikaa'elii, Mikaa'el ka Yeshiishaayii,
Yeshiishaay ka Yaakedoo, Yaakedo ka Buusii ti.
15 Akaakoon Gunii, ilmi Abdi'elii Ahi, sooressa
maatii isaanii ti.
16 Isaan lafa Giil'aadii keessa, Baashaan keessaa
fi qachoota isi'ii keessa, lafa horii tiffatanu Shaa-
ronii haga qaccee isi'ii mara keessa le'ane.
17 Isaan kun martinuu bara Yotaam mootii
Yihuda'aa te'eeruu fi bara Yerobi'aam mootii
Israa'elii te'eerutti kitaaba dabarsii hidda
dhalootaa keessatti barreeffamane.

### *Loltoota Gosa Karaa Aduun Baatuu*

18 Gosi Ruubenii, gosi Gaadiitii fi gamisi gosa Mi-
naase'ee, loltoota worra wonte'een, shallaaga'aa
fi guube'een loliisaaf akka dansaa leenjifamane,
kuma afurtamii afurii fi dhibba torbaa fi jaatama
qaban.
19 Isaan gosa Hagaarii, gosa Yetuurii, gosa Naafi-
ishiitii fi gosa Nodaabii dhaqanee lolane.
20 Isaan Waaqatti addatanee, isa daadimata-
nee, qarqaarsa yennaa isa gaafatane, inni isaaniif
dhage'ee, Hagaarotaa fi worra isaan woliin jiru
harka isaaniititti dabarsee kenne.

21 Isaan horii Hagaarotaa gaalota kuma shan-
tama, hoolee kuma dhibba lamaa fi kuma shan-
tama, harree kuma lamaa fi namoota kuma
dhibba tokko booji'anee fudhatane.
22 Lolli sun fedha Waaqaatiin waan
te'eef, namooti hedduun ijjeefamane; worri
injifatee lafa san qabate, haga bara ifiifuu
booji'amaneetitti lafuma san keessa le'ane.

### *Kolbaa Gosa Minaase'ee Ta Karaa Aduun Baatuu*

23 Kolbaan gamisa gosa Minaase'ee bacaan ta
karaa aduun baatuu, Baashaanii haga Ba'aal-
Hermoonii, haga Seniiriitii fi haga gaara Her-
mooniititti qubatanee le'ane.
24 Sooreyyiin gosa isaanii: Efer, Yishe'ii,
Elii'el, Azrii'el, Ermiyaas, Hodaawiya'aa fi
Yaadii'el. Isaan kun loltoota gootota, namoota
beekkamanee fi sooressitoota gosa isaanii ti.
25 Te'uu malee isaan Waaqa abbootii ifiititti ad-
datiisa lakkisanee, waaqota kolbaa lafa sanii ta
Waaqi fuula isaanii duraa balleessee waaqonfa-
tane.
26 Maarre Waaqi Israa'elii, mooticha Asoorii
Phul ka, «Tiiglaat-Phileeser» jedhamu isaanitti
kaasee, inni fira Ruubenii, fira Gaadiitii fi
gamisa gosa Minaase'ee booji'ee, gara Kalaa, gara
Kaaborii, gara Haaraatii fi gara laga Gozaanii lafa
haga adhaa isaan keessa jiranu isaan geesse.

# 6

### *Sanyii Lewwi'ii*

1 Ilmaan Lewwi'ii: Gershoon, Qehaatii fi Mer-
aar.

2 Ilmaan Qehaatii: Amraam, Yizhaar, Kebroonii fi Uzii'el.

3 Ijoolleen Amraamii: Aaron, Muuse'ee fi Miiryaam. Ilmaan Aaronii: Naadaab, Abiihuu, Ele'azaarii fi Itaamaar.

4 Ele'azaar Fiinehaas uumate; Fiinehaas Abiishuwaa uumate;
5 Abiishuwaan Buki uumate; Buki Uzi uumate;
6 Uzi Zeraayaa uumate; Zeraayaan Meraayoot uumate;
7 Meraayoot Amaariyaa uumate; Amaariyaan Ahiixub uumate;
8 Ahiixub Zaadoq uumate; Zaadoq Ahimaaz uumate;
9 Ahimaaz Azaariyaa uumate; Azaariyaan Yohaannaa uumate;
10 Yohaannaan Azaariyaa uumate; Azaariyaan kun ka hayyicha te'ee, Galma Waaqaa ka Solomoon Yerusaalemitti ijaare keessa tajaajile.
11 Azaariyaan Amaariyaa uumate; Amaariyaan Ahiixub uumate;
12 Ahiixub Zaadoq uumate; Zaadoq Shaalum uumate;
13 Shaalum Hilqiiyaa uumate; Hilqiiyaan Azaariyaa uumate;
14 Azaariyaan Seraayaa uumate; Seraayaan Yozaadaaq uumate;
15 Yennaa Mootiin Waan Maraa, kolbaa Yihuda'aatii fi Yerusaalemii harka Nebukadnezaariititti akka booji'antu godhe, Yozaadaaqille isaan woliin booji'amee deeme.

16 Ilmaan Lewwi'ii: Gershoom, Qehaatii fi Meraar.

17 Maqaan ilmaan Gershoomii: Liibnii fi
Shime'i.
18 Ilmaan Qehaatii: Amraam, Yizhaar, Ke-
broonii fi Uzii'el.
19 Ilmaan Meraarii: Maahilii fi Mushi. Firri
Lewwootaa akka fira abbootii isaaniititti ka asii
gad jiranu.
20 Fira Gershoomii: Gershoom Liibni uumate;
Liibni Yaahaat uumate; Yaahaat Ziimaa uumate;
21 Ziimaan Yo'aa uumate; Yo'aan Iddo uumate;
Iddo Zeraa uumate; Zeraan Ye'ateraayi uumate.
22 Sanyii Qehaatii: Qehaat, Aminaadaab uu-
mate; Aminaadaab, Qoraahi uumate; Qoraahi,
Asiir uumate;
23 Asiir, Elqaanaa uumate; Elqaanaan,
Ebiyaasaaf uumate; Ebiyaasaaf, Asiir uumate;
24 Asiir, Tahaat uumate; Tahaat, Urii'el uumate;
Urii'el, Uziyaa uumate; Uziyaan, Shaawul uu-
mate.
25 Ilmaan Elqaanaa Amaasaayii fi Ahiimoot.
26 Ahiimoot Elqaanaa uumate; Elqaanaan So-
faayi uumate; Sofaayi Naahaat uumate;
27 Naahaat El'aab uumate; El'aab Yerohaam uu-
mate; Yerohaam Elqaanaa uumate.
28 Ilmaan Saamu'elii, angafichi Yo'el, ka lam-
meesso'oo Abiiya'a.
29 Meraar Maahil uumate; Maahil Liibni uu-
mate; Liibni Shime'i uumate; Shime'i Uzaa uu-
mate;
30 Uzaan Shime'aa uumate; Shime'aan Hagiiyaa
uumate; Hagiiyaan Asaayaa uumate.

### *Faarsitoota Galma Waaqaa*

31 Saanduqi Gondooro'oo Galma Waaqaatitti
galeen duuba, namooti mootichi Daawiti Galma

Waaqaa keessatti itti gaafatantoota faarsitootaa
akka te'anu godhe asii gad jiran.
32 Isaan haga bara Solomoon Yerusaalemitti
Galma Waaqaa ijaareetitti, akkuma ajaja isaaniif
kennameetitti, balbala Dunkaanii Woldeenna'aa
duratti faaru'uun tajaajilane.
33 Namooti ilmaan ifii woliin tajaajilane asii gad
jiran: Fira Qehaatii keessaa, faarfataa Hemaan;
inni ilma Yo'elii ti; Yo'el ka Saamu'elii,
34 Saamu'el ka Elqaana'aa, Elqaanaan ka Yero-
haamii, Yerohaam ka Elii'elii, Elii'el ka To'aa,
35 To'a ka Zuufii, Zuuf ka Elqaana'aa, Elqaanaan
ka Mahaatii, Mahaat ka Amaasaayii,
36 Amaasaayi ka Elqaana'aa, Elqaanaan ka
Yo'elii, Yo'el ka Azaariya'aa, Azaariyaan ka Se-
faaniya'aa,
37 Sefaaniyaan ka Tahaatii, Tahaat ka Asiirii,
Asiir ka Ebiyaasaafii, Ebiyaasaaf ka Qoraahii,
38 Qoraahi ka Yizhaarii, Yizhaar ka Qehaatii,
Qehaat ka Lewwi'ii, Lewwiin ka Israa'elii* ti.
39 Obboleessi isaa Asaaf, gara midda isaatiin
dhaabbatee tajaajilaayyu. Asaaf ilma Bereki-
iya'aa ti; Berekiiyaan ka Shime'aa,
40 Shime'aan ka Mikaa'elii, Mikaa'el ka
Ba'aseya'aa, Ba'aseya'aan ka Malkiiya'aa,
41 Malkiiyaan ka Etnii, Etni ka Zera'aa, Zeraan
ka Adaaya'aa,
42 Adaayaan ka Eyitaanii, Eyitaan ka Ziima'aa,
Ziimaan ka Shime'ii,
43 Shime'i ka Yaahaatii, Yaahaat ka Gershoomii,
Geshoom ka Lewwi'ii ti.

---

* **6:38** *Israa'el:* Dur maqaan isaa Yaaqoob.

44 Fira Meraarii keessaa worri gara bita'aatiin
isaan woliin jiru: Etaanii ilma Qiishii ti. Qiish ka
Abdii, Abdi ka Maluukii,
45 Maluuk ka Hashabiiya'aa, Hashabiiyaan ka
Amaasiya'aa, Amaasiyaan ka Hilqiiya'aa,
46 Hiiqiiyaan ka Amzii, Amzi ka Baanii, Baan ka
Shaamerii,
47 Shaamer ka Maahilii, Maahil ka Mushii,
Mushi ka Meraarii, Meraar ka Lewwi'ii ti.
48 Lewwooti dhibiin, dunkaanii dhugaa bayaa
ta Galma Waaqaa keessa hujii dhibii mara akka
hujanu ramadamane.

### *Sanyii Aaronii*

49 Tajaajilaan Mootii Waan Maraa Muuseen
akkuma ajajetti Aaronii fi sanyiin isaa, Israa'eliif
gumaa cubbu'uu tolchiisaaf, hujii Addee Irra
Caalaa Woyyittii keessatti hujantu maraaf,
kennansa addee ciinca'aa irratti gubamuu fi
kennansa addee hixaanni itti aarfamu irratti
dhikaatuufille itti gaafatantoota te'ane.
50 Hiddi dhaloota sanyii Aaronii ta asii gad jirtu:
Aaron Ele'azaar uumate; Ele'azaar Fiinehaas uu-
mate; Fiinehaas Abiishuwaa uumate;
51 Abiishuwaan Buki uumate; Buki Uzi uumate;
Uzi Zeraayaa uumate;
52 Zeraayaan Meraayoot uumate; Meraayoot
Amaariyaa uumate; Amaariyaan Ahiixub uu-
mate;
53 Ahiixub Zaadoq uumate; Zaadoq Ahimaaz
uumate.

### *Lafa Lewwooti Qubatane*

54 Hixaan qaraa, sanyii Aaronii keessaa fira Qe-
haatiitiif waan bu'eef, latti isaaniif kennante ta
asii gad jirtu:
55 Kutaa lafa fira Yihuda'aa keessaa qachaan Ke-
brooniitii fi latti tikaa ta adaala qachaa Kebroonii
marti isaaniif kennante.
56 Latti ficha'aa ta adaala qachaa Kebrooniitii
fi ollaan adaala qachaa Kebroonii ilma Yofune'ee
Kaalebiif kennante.
57 Sanyiin Aaronii akka itti baqatanuuf qachooti
isaaniif kenname: Kebroon, Liibnaa, Yaatiir, Es-
htemo'aa,
58 Hiilen, Deebir,
59 Aashaanii fi Bet-Shemeshi lafa tikaa ta adaala
isaanii woliin.
60 Qooda lafa fira Beniyaaminii keessalle'ee qa-
chooti: Gebaa, Alemetii fi Anaatoti lafa tikaa ta
adaala isaanii woliin isaaniif kennamane. Qa-
chooti fira isaanii wolumatti qachoota kudhanii
sad.
61 Fira Qehaatii worra hafeefille, qooda lafa
gamisa fira Minaase'ee keessaa qachooti kudhan
kennamaneef.
62 Fira Gershoomiitiif akka maatii maatii isaani-
ititti, kutaa lafa fira Yisaakorii, lafa fira Asheerii,
lafa fira Niftaalemii keessaa, lafa gamisa fira Mi-
naase'ee ta Baashaan keessaa keessalle'ee, qa-
chooti kudhanii sad kennamaneef.
63 Fira Meraariitiifille akka maatii maatii isaani-
ititti lafa Ruubenii, lafa Gaadiitii fi lafa Zebuloonii
keessaa qachooti kudhanii lama kennamaneef.
64 Akka kanaan kolbaan Israa'elii qachootaa
fi lafa tikaa ta adaala qachoota sanii jirtu Lew-
wootaaf kennane.

65 Qachoota gosa Yihuda'aa, gosa Shimi'ooniitii
fi gosa Beniyaamii keessaa ka maqaan dhowame
kana hixaa buusiisaan isaaniif kennane.
66 Fira Qehaatii keessaa gariin, kutaa lafa gosa
Efreem keessaa qachootaa fi lafa tikaa ta adaala
qachoota sanii fudhataneeraniiyyu.
67 Isaan lafa koobittii Efreemii keessaa qachoota
nami nama ijjeese itti baqatu Sheekem, Gezer,
68 Yaaqmi'aam, Bet-Horoon,
69 Ayalon, Gaat-Rimoon, lafa tikaa ta adaala
isaanii mara woliin isaaniif kennamane.
70 Lafa gamisa gosa Minaase'ee keessaa, qachaa
Aaneriitii fi qachaa Biile'aamii, lafa tikaa ta
adaala qachoota sanii woliin fira Qehaatii worra
hafeef kennane.
71 Gosi Gershoomii, kutaa lafa gamisa gosa Mi-
naase'ee keessaa qachoota: Golaan ka Baashaan
keessaatii fi Eshtaarot lafa tikaa ta adaala isaanii
woliin fudhatane.
72 Lafa gosa Yisaakorii keessalle'ee qachoota;
Qedeesh, Daaberaat,
73 Raamootii fi Aanem, lafa tikaa ta adaala
isaanii woliin fudhatane.
74 Lafa gosa Asheerii keessaa qachoota:
Maashaal, Abdoon,
75 Huqooqii fi Rehoob lafa tikaa ta adaala isaanii
woliin fudhatane.
76 Lafa fira Niftaalemii keessalle'ee qachoota:
Qedeeshii ka Galiilaa keessaa, Haamonii fi
Kiriiyat-Aayim lafa tikaa ta adaala isaanii woliin
fudhatane.
77 Gosi Meraarii worri hafe, lafa gosa Zebuloonii
keessaa qachoota: Rimoonii fi, Taabor lafa tikaa ta
adaala isaanii woliin,

78 laga Yordaanosiitiin gamaa, Yerikoo irraa
karaa aduun baatuun, lafa gosa Ruubenii keessaa,
qachoota goomolee keessaa Bezer, Yaahizaa,
79 Qedemootii fi Mefaat lafa tikaa ta adaala
isaanii woliin fudhatane.
80 Lafa gosa Gaadii ka Giil'aad keessatti
dhaggamanu keessalle'ee qachoota: Raamoot,
Mahanaayim,
81 Heshiboonii fi Yaazer lafa tikaa ta adaala
isaanii woliin fudhatane.

# 7

*Sanyii Yisaakorii*

1 Ilmaan Yisaakorii afur: Tolaa, Phuwaa,
Yaashubii fi Shimroon.
2 Ilmaan Tola'aa: Uzii, Refaayaa, Yerii'el,
Yaahimaay, Yibsaamii fi Shemu'el; isaan loltoota
gootota sooressitoota gosa maatii Tolaa ti. Bara
mootummaa Daawitii keessa sanyiin isaanii
kuma diddamii lamaa fi dhibba jaa.
3 Ilmi Uzii, Yizraahiya'a. Ilmaan Yizraahiya'aa:
Mikaa'el, Obaadiyaa, Yo'elii fi Yishiiya'a; isaan
shanan kun martinuu sooreyyi'i.
4 Isaan niitolee heddu'uu fi ilmaan hedduu
waan qabanuuf, akka galmee hidda dhaloota
maatii isaaniititti loltoota lolaaf qophowane,
kuma soddomii jaa qabaniiyyu.
5 Gosa Yisaakorii mara keessaa akka
barreeffama hidda dhaloota maatii isaaniititti
loltooti jajjabi kuma saddeettamii torba.
6 Ilmaan Beniyaaminii sad: Belaa, Bekerii fi
Yedii'el.
7 Ilmaan Belaa: Ezboon, Uzii, Uzii'el, Yeremootii
fi Iiri; isaan shanan kun martinuu sooreyyii

maatii abbaa isaanii ti; isaan akka galmee hidda
dhaloota isaaniititti loltoota kuma diddamii
lamaa fi soddomii afuri.
8 Ilmaan Bekerii: Zemiiraa, Yo'aas, Elii'ezer,
Elyo'enaayi, Omiri, Yeremoot, Abiiyaa, Anaatotii
fi Alaameti; isaan kun martinuu ilmaan Bekerii ti.
9 Akka galmee hidda dhaloota isaaniititti
sooressitooti maatii abbaa isaanii, loltoota jajjaba
kuma diddamaa fi dhibba lama.
10 Ilmi Yedii'elii Bilhaan. Ilmaan Bilhaanii:
Ye'ush, Beniyaamin, Ehud, Kennaanaa, Zetaan,
Tarshiishii fi Ahiishaahar.
11 Ilmaan Yedii'elii tun martinuu sooreyyii
maatii abbootii ifii ti; sanyii isaanii keessaa
loltooti jajjabi lolaaf qophowane kuma kudhanii
torbaa fi dhibba lama.
12 Worri Shuphiimiitii fi Huphiimii sanyii Iirii ti;
worri Hushiimii sanyii Aheerii ti.

### *Sanyii Niftaalemii*

13 Ilmaan Niftaalemii: Yaahize'el, Guni, Yezerii
fi Shaalum; Niftaalemiin kun ka Bilhaan deette.

### *Sanyii Minaase'ee*

14 Ilmaan Minaase'ee: Asrii'elii fi Maakiir ka
gursumeettittii biyya Sooriya'aa irraa uumate;
Maakiir Giil'aad uumate.
15 Maakiir worra Huphiimiitii fi Shuphiimii
keessaa niitii fuudhe; maqaan obboleettii isaa
Ma'aka'a; ilmaan Maakiirii keessaa tokko Zelofe-
haad; inni ijoollee durraa qofa uumate.
16 Niitiin Maakiirii Ma'akaan ilma isaaf deettee,
maqaa isaa «Pheresh» jette; maqaan obboleessa
isaa Sheresh. Pheresh Ulaamii fi Raaqem uumate.

17 Ulaam Bedaan uumate; isaan kun sanyii
Giil'aadii ilma Maakiirii, Maakiirii ilma
Minaase'ee ti.
18 Obboleettiin Giil'aadii Hamoleket ilmaan sad:
Ishood, Abii'ezerii fi Maahilaa deette.
19 Ilmaan Shemiida'aa: Ahiiyaan, Sheekem, Li-
ikihii fi Aniiyaam.

### *Sanyii Efreemii*

20 Sanyiin Efreemii: Efreem, Shutelaa uumate;
Shutelaan, Bered uumate; Bered, Tahaat uumate;
Tahaat, El'aadaa uumate; El'aadaan, Tahaat uu-
mate;
21 Tahaat Zaabaadii fi Shutelaa uumate. Ezerii
fi El'aad horii worra biyya Gaatii hatiisaaf yennaa
gad bu'ane worri biyya sanii isaan ijjeese.
22 Abbaan isaanii Efreem guyyaa hedduu
isaaniif gadde; worri isaa dhufee isa jajjabeesse.
23 Achiin duuba Efreem haadha manaa ifii
woliin rafee, isiille ulfoottee ilma isaaf deette.
Rakkinni maatii isaa waan dhaqqabeef, «Berii'aa»
jedhee maqaa isa baase.
24 Maqaan intala isaa Sera'a; isiin qachaa Bet-
Horoonii ka jalaatii fi ka gubba'aa, qachaa Uzen-
Seraalle ijaarsitte.
25 Efreem, Refaan uumate; Refaan, Resheef uu-
mate; Resheef, Telaan uumate; Telaan Tahaan
uumate;
26 Tahaan La'adaan uumate; La'aadaan Ami-
ihud uumate; Amiihud, Eliishaamaa uumate;
27 Eliishaamaan, Nun uumate; Nun, Iyaasuu
uumate.
28 Lafaa fi qachoota sanyiin Efreemii keessa
leete: qachaa Bet'eliitii fi olloota adaala isaa;
karaa aduun baatuun qachaa Na'araanii; karaa

aduun seentuun qachaa Gezeriitii fi olloota adaala isaa; qachaa Sheekemiitii fi olloota adaala isaa; qachaa Ayya'aatii fi olloota adaala isaa ti.

29 Karaa meessaa sanyii Minaase'eelle'een qachaa Bet-Shaanii, qachaa Ta'ana'aatii, qachaa Megidootii fi qachaa Doorii olloota adaala isaanii jiranu woliin. Sanyiin Yoseefii ilma Israa'elii qachoota kana keessa le'ane.

*Sanyii Asheerii*

30 Ilmaan Asheerii: Yiimnaa, Yishwii fi Berii'a; obboleettiin isaaniille Sera'a.
31 Ilmaan Berii'aa: Heberii fi Malkii'el; Malkii'el Biirzaawiiti uumate.
32 Heber ilmaan sad Yaafilet, Shomer, Hotaamii fi obboleettii isaanii Shuwaa uumate.
33 Ilmaan Yaafiletii: Phaasaak, Biimhaalii fi Ashiwaati.
34 Ilmaan Shomerii: Ahi, Rohigaa, Yehubaa fi Aaram.
35 Ilmaan obboleessa isaa Helemii: Zofaa, Yiimnaa, Sheleshii fi Aamaal.
36 Ilmaan Zofaa: Suwaa, Harnefer, Shuwaal, Berii, Yiimraa,
37 Bezer, Hood, Shamaa, Shiilshaa, Yitraanii fi Be'era'a.
38 Ilmaan Yeterii: Yofunee, Fiisphaa fi Era'a.
39 Ilmaan Ulaa: Araa, Hanii'elii fi Riiziiya'a.
40 Isaan kun martinuu sanyii Asheerii keessaa sooressitoota maati'ii, loltoota jajjaboo filamane, sooressitoota qondaaltota isaanii ti. Worri lolaaf qophowane, akka galmee hidda dhaloota isaaniititti, dhiira kuma diddamii jaa.

# 8

*Sanyii Beniyaaminii*

1 Beniyaamin ilma angaficha Belaa, ka lam-
meesso'oo Ashbel, ka sadeesso'oo Ahiiraa,
2 ka arfeesso'oo Nohaa, ka shaneesso'oo Raafaa
uumate.
3 Ilmaan Bel'aa: Adaar, Geraa, Abiihud,
4 Abiishuwaa, Na'amaan, Aho'aa,
5 Geraa, Shefufaanii fi Huraam.
6 Sanyiin Ehudii sooressitooti maati'ii, ka Gebaa
keessa le'ane, ka booji'amanee gara Manahaa fud-
hatamane:
7 Na'amaan, Ahiiyaa fi Gera'a. Geraan kun ka
yennaa booju'uu san isaan sooresse; inni Uzaa fi
Ahiihud uumate.
8 Shaharaayaam niitolee ifii Hushiimii fi Ba'araa
lakkiseen duuba, biyya Mo'aabii keessatti ilmaan
uumate.
9 Niitii ifii Hodeesh irraa: Yobaab, Ziibiyaa, Me-
shaa, Maalkaam,
10 Ye'uz, Saakiyaa fi Miirmaa uumate; isaan
martinuu sooreyyii maatii isaanii ti.
11 Ammalle niitii ifii Hushiim irraa: ilmaan Abi-
itubii fi Elphaa'al uumate.
12 Ilmaan Elphaa'alii: Ebeer, Miishaamii fi
Shemed. Shemediin kun ka qachaa Onootii fi
Lodii olloota adaala isaanii jiranulle ijaare.
13 Berii'aa fi Shemaan, sooressitoota maatii
qachaa Ayalonii keessa le'anuu ti; isaan worra
qachaa Gaatii keessa le'anu ari'anee baasane.
14 Ahiiyon, Shaashaaq, Yeremoot,
15 Zebaadiyaan, Araad, Ader,
16 Mikaa'el, Yiispha'aa fi Yohaan ilmaan Berii'aa
ti.

17 Zebaadiyaa, Meshulaam, Hiizeqi, Heber,
18 Yiishmeraayi, Yiizlii'aa fi Yobaab ilmaan El-
phaa'alii ti.
19 Yaaqiim, Ziikri, Zabdi,
20 Elii'enaayi, Ziiletaay, Elii'el,
21 Adaayaa, Beraaya'aa fi Shiimraat ilmaan
Shime'ii ti.
22 Yiishphaan, Ebeer, Elii'el,
23 Abdoon, Ziikri, Haanaan,
24 Hanaaniyaan, Elaam, Antotiiya,
25 Yefdeya'aa fi Phenu'el ilmaan Shaashaaqii ti.
26 Shamsheraayi, Shehariiya, Ataaliyaa,
27 Yaa'areshiiya, Eliya'aa fi Ziikri ilmaan Yero-
haamii ti.
28 Isaan kun akka hidda dhaloota isaaniititti
sooressitoota maati'ii te'anee barreeffamanee,
Yerusaalem keessa le'ane.
29 Yeyi'el abbaa Giibe'onii ka qachaa Giibe'onii
ijaaree keessa le'e; maqaan niitii isaa Ma'aka'a.
30 Ilmi isaa angafichi Abdoon; itti aananee Zuur,
Qiish, Ba'aal, Neer, Naadaab,
31 Gedoor, Ahiiyoo, Zaakerii
32 fi abbaa Shime'aa Miiklot. Isaan kunille fu-
ullee fira ifii Yerusaalem keessa le'ane.
33 Neer abbaa Qiishii ti; Qiish abbaa Saa'olii ti;
Saa'ol: Yonaataan, Malkiishuwaa, Abinaadaabii fi
Esh-Ba'aal uumate.
34 Yonaataan Meriib-Ba'aal uumate; Meriib-
Ba'aal Miikaa uumate.
35 Ilmaan Miika'aa: Phiiton, Melek, Taare'aa fi
Ahaaz.
36 Ahaaz, Yeho'adaa uumate; Yeho'aadaan
Aalemet, Azmaawetii fi Ziimrii uumate; Ziimri,
Mozaa uumate.

37 Mozaan, Biine'aa uumate; Biine'aan, Raafaa
uumate; Raafaan, El'aasaa uumate; El'aasaan,
Azeel uumate.
38 Azeel ilmaan jaa: Azriiqaam, Bokeruu, Ishi-
maa'el, She'ariyaa, Obaadiya'aa fi Haanaan uu-
mate; isaan kun martinuu ilmaan Azeelii ti.
39 Ilmaan Obboleessa isaa Asheeqii: angafichi
Ulaam, ka lammeesso'oo Ye'ush, ka sadeesso'oo
Eliifelex.
40 Ilmaan Ulaamii loltoota jajjaboo, worra gu-
ube'een lolu. Isaan ilmaan heddu'uu fi ilmaan
ilmaa isaanii hedduu wolumatti dhibba tokkoo
fi shantama qaban. Isaan kun martinuu sanyii
Beniyaaminii ti.

# 9

### *Kolbaa Israa'elii Ta Boojuu Irraa Deebite*

1 Maarre kolbaan Israa'elii marti akka hidda
dhaloota isaaniititti kitaaba mootota Israa'elii
keessatti barreeffamane.

Kolbaan Yihuda'aa sababa addatamiisa dhabi-
isa ifiitiif booji'antee gara biyya Baabilonii fud-
hatante.
2 Worri qara gara lafa ifiitii fi qachoota ifiititti
deebi'ee qubate, Israa'eloota garii, hayyoota, Lew-
wootaa fi tajaajiltoota Galma Waaqaa ti.
3 Sanyii Yihuda'aa, sanyii Beniyaaminii, sanyii
Efreemiitii fi sanyii Minaase'ee keessaa worri
Yerusaalem keessa le'ane asii gad jiran:
4 Sanyii Faaresii ilma Yihuda'aa keessaa Utaayii
ilma Amiihudii ti. Amiihudii ka Omirii, Omir ka
Iimrii, Iimrii ka Baanii ti.
5 Sanyii Shiiloonii keessaa: Ilma isaa angaficha
Asaayaa fi ilmaan isaa ti.

6 Sanyii Zeraa keessaa: Yewu'el. Kolbaan Yi-
huda'aa namoota dhibba jaa fi sagaltama.

7 Sanyii Beniyaaminii keessaa: Sa'aaluu ilma
Meshulaamii ti. Meshulaam ka Hodaawiyaa, Ho-
daawiya ka Hasenu'aa ti.
8 Ilma Yerohaamii Yiibneyaa, akaakoo Miikrii,
ilma Uzii Elaa, abuuboo Yiibniya'aa, akaakoo
Rewu'elii, ilma Shefaaxiya'aa Meshulaam.
9 Kolbaan Beniyaaminii akka hidda dhaloota
isaaniititti dhibba sagalii fi shantamii jaa. Isaan
kun marti sooressitoota maatii ifii ti.
10 Hayyoota keessaa: Yedaa'iyaa, Yoyaariib,
Yaakiin,
11 ilma Hilqiiya'aa Azaariya'a. Azaariyaan ka
Meshulaamii, Meshulaam ka Zaadoqii, Zaadoq ka
Meraayootii, Meraayoot ka Ahiixubii ti. Ahiixub
itti gaafatamaa hujii Galma Waaqaa keessaa ti.
12 Adaayaan ilma Yerohaamii ti. Yerohaam
ka Phashihurii, Phashihur ka Malkiiya'aa
ti. Ma'aasayaan ilma Adii'elii ti. Adii'el ka
Yaahizera'aa, Yaahiizera ka Meshulaamii,
Meshulaam ka Meshiilemii, Meshiilem ka Iimerii
ti.
13 Hayyooti sooressitooti maatii isaanii kuma
tokkoo fi dhibba torbaa fi jaatama; isaan kun
worra jajjaba hujii Galma Waaqaa keessaa hujuu
dande'u.
14 Lewwoota keessaa: ilma Hashubii
Shemaa'iya'a. Hashub ka Azriiqaamii, Azriiqaam
ka Hashabiiya'aa ti.
15 Baqbaqar, Heresh, Gaalaal, ilma Miika'aa
Mataaniya'a. Miikaan ka Ziikrii, Ziikri ka Asaafii
ti.

16 Obaadiyaa ilma Shemaa'iyaa ti. Shemaa'iya
ka Gaalaalii, Gaalaal ka Yedutuu ti. Bereki-
iyaa ilma Aasa'aa ti. Aasaan ka Elqaana'aa ti.
Elqaanaan ka olloota Netofaatotaa keessa le'e.

17 Eeddoti karraa: Shaalum, Aquub, Talmoon,
Ahimaanii fi fira isaanii ti; Shaalum sooressaa
isaanii ti.
18 Isaan haga adhaa karra karaa aduun baatuu
ta mootichi ittiin ol seenutti ramadamaneeran;
isaan eeddota quttuma Lewwootaa ti.

19 Abuuboon Qoree akaakoon Ebiyaasaafii ilmi
Qoree Shaalumii fi firooti abbaa isaa Qoraahoti,
akkuma abbootiin isaanii seensuma Dunkaanii
Woldeenna'aa eegiisaaf itti gaafatantoota te'ane,
isaanille hujii Galma Waaqaa keessaatitti itti
gaafatantoota.
20 Ilmi Ele'azaarii Fiinehaas dur itti gaafatamaa
eeddota karraa ti; Mootiin Waan Maraalle isa
woliin jiraayyu.

21 Seensuma karra Dunkaanii Woldeenna'aa ka
eegu ilma Meshelemiya'aa Zakaariyaas.

22 Worri seensuma karra Galma Waaqaa eegi-
isaaf filame, wolumatti dhibba lamaa fi kudhanii
lama. Isaan akka hidda dhaloota isaaniititti ol-
loota ifii keessatti barreeffamane. Isaan kun akka
isaan karra eeganu worra Daawitii fi raagichi
Saamu'el ramadane.
23 Isaanii fi sanyiin isaanii itti gaafatantoota
karra Galma Waaqaa ka Dunkaanii Woldeenna'aa
ti.
24 Worri karra eegu maddii arfaniinuu karaa
aduun baatuun, karaa aduun seentuun, kaabaa fi
kibbaan jiraniiyyu.

25 Worri fira isaanii ka ollaa isaanii keessa jiranu yennaa yenna'aan dhufanee guyyaa torbaaf isaan woliin eeganiiyyu.
26 Sooreyyiin Lewwootaa arfan eeddoti karraa, kolloota Galma Waaqaatii fi addee mey Galma Waaqaa itti maffamu addatamumma'aan eeganiiyyu.
27 Galma Waaqaa eegiisaaf, ganama ganamalle karra baniisaaf, itti gaafatamummaa furtu'uu waan qabanuuf, isaan adaala Galma Waaqaa bulaniiyyu.

28 Lewwooti gariin itti gaafatantoota meya Galma Waaqaa keessaa ti; isaan meya yennaa itti fayyadamanu laakkowanee baasanee yennaa galchanulle laakkowanee massan.
29 Lewwooti kuun meya gara garaa, meya woyyicha mara, bullaa qamadi'ii dansaa, daadhii woyni'ii, zayitii, hixaanaa fi uddowaa adda addaa irratti itti gaafatantoota te'ane.
30 Hayyoota keessaa gariin ammoo, uddowaa wolitti makiisaaf itti gaafatantoota te'ane.
31 Lewwoota keessaa Matiitiyaan ilmi angafichi Shaalumii firri Qoraahii addatamaa waan te'eef, itti gaafatamaa daabboo kennansaaf bilcheessanuu ti.
32 Fira isaanii fira Qehaatii keessaa gariin, Sanbata Sanbata daabboo xarapheessaa irra keyantu qopheessiisaaf itti gaafatantoota te'ane.

33 Worra Lewwootaa keessaa sooressitooti maati'ii, faarsitooti, halkanii fi guyyaalle waan tajaajilanuuf, hujii dhibii irraa bilisa te'anee, kolloota Galma Waaqaa keessa le'an.

34 Isaan kun martinuu, akka hidda dhaloota
isaaniititti sooreyyii maatii Lewwi'ii, ka
Yerusaalem keessa le'ane.

### *Hidda Dhaloota Saa'olii Mootichaa*

35 Abbaan Giibe'onii Yeyi'el qachaa «Giibe'on»
jedhamu ijaaree achuma le'e; maqaan niitii isaa
Ma'aka'a.
36 Ilmi isaa angafichi Abdoon; ka itti aananu
Zuur, Qiish, Ba'aal, Neer, Naadaab,
37 Gedoor, Ahiiyoo, Zakaariyaasii fi Miiklot.
38 Miiklot, Shime'aa uumate. Isaanille fira ifii
bira Yerusaalem keessa le'ane.
39 Neer, Qiish uumate; Qiish, Saa'ol uumate;
Saa'ol: Yonaataan, Malkiishuwaa, Abinaadaabii fi
Esh-Ba'aal uumate.
40 Yonaataan, Meriib-Ba'aal uumate; Meriib-
Ba'aal, Miikaa uumate.
41 Ilmaan Miika'aa: Phiiton, Melek, Taare'aa fi
Ahaaz.
42 Ahaaz, Yaaraa uumate; Yaaraan: Alemet, Az-
maawetii fi Ziimri uumate; Ziimri Mozaa uumate.
43 Mozaan, Biine'aa uumate; Biine'aan, Re-
faayaa uumate; Refaayaan, El'aasaa uumate;
El'aasaan, Azeel uumate;
44 Azeel ilmaan jaa qaba; maqaan isaanii:
Azriiqaam, Bokeruu, Ishimaa'el, She'ariyaa,
Obaadiyaa fi Haanaan. Isaan kun ilmaan Azeelii
ti.

# 10

### *Du'a Saa'olii Mootichaa*
### *(1 Sam. 31:1-13)*

1 Bara san worri Filisxeemotaa Israa'eloota
lolane; Israa'elootille isaan duraa adoo

baqatanuu, bacaan isaanii gaara Giilbo'aa irratti
ijjeefamane.
2 Worri Filisxeemotaa Saa'olii fi ilmaan
isaa ari'anee, ilmaan isaa sad Yonaataan,
Abinaadaabii fi Malkiishuwaa ijjeesane.
3 Lolli kun Saa'ol irratti jabaate; worri
daayaan lolu yennaa isa dhaggane, daayaan
isa madeessane.
4 Saa'ol namicha meya lolaa ka isaa ba'atuun,
«Worri haqanqabaa hin qabatin kun dhufee akka
natti hin taphanne, ati shallaagaa keeti buqqifad-
huutii na ijjeesi!» jedhe. Namichi meya lolaa ka
isaa ba'atu sun ammoo, guddoo waan sodaateef,
tana hin goone. Tanaaf, Saa'ol shallaagaa ifii
fudhatee, isa irratti ifi dire.
5 Namichi meya lolaa ka isaa ba'atu sun, Saa'ol
akka du'e yennaa dhagge, innille shallaagaa ifii
irratti ifi diree du'e.
6 Akka kanaan Saa'ol du'e; isaa fi ilmaan isaa
sadiinuu, maatiin isaa marti woluma gula dhu-
matane.
7 Israa'elooti dhooqa san keessa jiranu, loltooti
isaanii akka baqatane, Saa'olii fi ilmaan isaa
akka dhumatane yennaa dhaggane, qachoota ifii
lakkisanee baqatane. Worri Filisxeemotaa dhufa-
nee qachoota san qabatane.

8 Boruyyaa worri Filisxeemotaa, worra dhu-
matane san irraa meya mulqatiisaaf yennaa dh-
ufane, reeffa Saa'oliitii fi reeffa ilmaan isaa gaara
Giilbo'aa irratti dhaggane.
9 Isaan woyaa Saa'ol irraa mulqatanee, mataa
isaa muranee, meya lolaa isaa fudhatanee, oduu
dansaa tana waaqotaa fi kolbaa ifiititti akka hi-

manuuf, lafa Filisxeemotaa mara keessa namoota
ergane.
10 Isaan meya lolaa ka isaa galma waaqota ifii
keessa keyanee, mataa isaa galma waaqa ifii ka
Daagonii keessatti fannisane.
11 Namooti qachaa Yaabesh-Giil'aadii keessaa
ammoo, waan worri Filisxeemotaa Saa'ol irratti
godhane mara yennaa dhage'ane,
12 loltooti isaanii jajjaboon dhaqanee, reeffa
Saa'oliitii fi reeffa ilmaan isaa fuudhanee, gara
Yaabeshii fidane; lafee isaanii qilxaa jalatti
awwaalanee, guyyaa torba laamane.
13 Saa'ol Mootii Waan Maraatiif addatamiisa
waan dhabeef du'e; inni worra ekeraa dubbisu
irraa gorsa gaafate malee, jecha Mootii Waan
Maraatiif hin ajajanne.
14 Inni Mootii Waan Maraa hin gaafanne.
Tanaaf Mootiin Waan Maraa isa ijjeesee,
mootummaa isaa ilma Iseyii Daawititti dabarsee
kenne.

# 11

### *Daawiti Mootii Israa'elii Te'e*
### *(2 Sam. 5:1-10)*

1 Achiin duuba Israa'elooti martinuu
Kebroonitti Daawiti biratti wolitti qabamanee,
«Kunoo, nuuti foon keetii fi dhiiga keeti.
2 Dur yennaa Saa'ol mootii te'ee jiruuyyuu, ka
Israa'eloota duulchisee galchu si'i. Mootiin Waan
Maraa Waaqi keeti si'iin, ‹Ati kolbaa tiyya Israa'el
hin tissita; bulchaa kolbaa tiyya Israa'elii hin
teeta› jedheera» jedhaneen.

3 Jaarsoleen Israa'elii marti Kebroonitti
mooticha Daawiti bira yennaa dhufane, inni
fuula Mootii Waan Maraa duratti isaan woliin
gondooroo gondoorate. Akkuma Mootiin Waan
Maraa karaa Saamu'eliitiin dubbatetti, isaan akka
Daawiti Israa'el irratti mootii te'u muudane.
4 Mootichi Daawitii fi Israa'elooti marti gara
qachaa Yerusaalemii ka «Yibus» jedhamuu duu-
lane. Worri Yibusootaa ka achi keessa le'u,
5 Daawitiin, «Ati as hin seentu» jedhane. Daaw-
iti ammoo, kushee Xiyoonii qabate; kusheen sun,
«Qachaa Daawitii» jedhantee beekkante.
6 Daawiti, «Nami dursee Yibusoota lolu sooressa
loltootaa ajajaa woraanaa hin te'a» jedhe. Yo'aab
ka Zeruyaan deette dursee dhaqee isaan lolee,
ajajaa te'e.
7 Achiin duuba Daawiti kushee san keessa le'e;
tanaaf isiin, «Qachaa Daawitii» jedhante.
8 Inni kaabii, «Miiloo» jedhantuu kaasee, kushee
sanitti naannessee qachaa ijaare; Yo'aabille
qachaa hafe deebisee haaresse.
9 Mootiin Waan Maraa ka waan mara dade
isa woliin waan jiruuf, Daawiti ittuma jabaataa
ideeme.

### *Loltoota Daawitii Gootota*
### *(2 Sam. 23:8-39)*

10 Isaan kun Loltoota Daawitii keessaa gootota,
kolbaa Israa'elii mara woliin akkuma Mootiin
Waan Maraa waadaa galetti, akka Daawiti mootii
te'u, mootummaan isaalle akka jabaattu worra
mootummaa isaa keessatti isa qarqaare.
11 Laakkossi loltoota gootota Daawitii ka asii gad
jiru: Ka qaraa Yaashobi'aam ka fira Hakmonii

sooressa gootota sadii ti; inni lola tokko keessatti eboo ifiitiin namoota dhibba sad ijjeese.
12 Gootota sad keessaa ka isatti aanu, fira Ahohii ilma Dodoo Ele'azaar.
13 Yennaa worri Filisxeemotaa lolaaf Phasdami-imitti wolitti qabamane, inni Daawiti woliin achi jiraayyu; addee fichaa garbuun bacaan keessa jiruutitti, Israa'elooti worra Filisxeemotaa duraa baqatane.
14 Daawitii fi Ele'azaar fichaa san keessatti waan addee qabataneeranuuf, worra Filisxeemotaa lolane; Mootiin Waan Maraa injifachaa guddoo isaaniif kenne.
15 Loltoota worra Filisxeemotaa keessaa gariin, dhooqa Refaa'iimii keessatti kushee qabatanee adoo jiranuu, sooreyyii loltoota Daawitii soddoma keessaa sad, Daawiti bira gara rassaa goda Adulaamii bira jiruu dhaqane.
16 Yennaa san Daawiti kushee keessa jiraayyu; loltooti Filisxeemotaalle Betlihem keessa jiraniiyyu.
17 Daawiti bisaan dheebotee, «Boolla bisaanii ta karra Betlihem bira jirtu keessaa, bisaan ani unu eennutti woraabee naa fida laati!» jedhe.
18 Achiin duuba loltooti goototi sadiin sun, loltoota worra Filisxeemotaa keessa dabaranee, boolla karra Betlihemii bira jirtu san keessaa bisaan woraabanee, Daawitiif fidane. Daawiti ammoo, bisaan san hin unne. Inni bisaan san kennansaa godhee Mootii Waan Maraatiif dhangalaasee,
19 «Akka ani bisaan kana hin unne Waaqi narraa fageessuu ti! Bisaan kana uniis akka ani dhiiga namoota lubbuu ifii gurguratanee, bisaan kana

fidanee unaneetii motii ree?» jedhe. Tanaaf inni bisaan san hin unne. Namooti goototi sadiin sun wonni godhane tana.

20 Obboleessi Yo'aabii Abiishaayi sooressa
loltoota gootota sadiin sanii ti; inni eboo ifii fudhatee namoota dhibba sad ijjeesee, akka loltoota gootota sadiin sanii gurra dhaggate.

21 Inni loltoota sadiin san keessaa tokko te'uu
dhabulle, isaan caalaa ulfinna guddaa dhaggatee ajajaa isaanii te'e.

22 Ilmi Yihoyaada'aa nami biyya Kabzii'elii Be-
naayaan, loltichа goota nama hujii gugurdoo huje. Inni gootota Mo'aabii lama ijjeese. Gaafa dhakaan roobaa bu'e tokko gara bowwa'aa gad dhaqee neenqa tokkolle ijjeeseera.

23 Inni nama biyya Gibxi'ii ka ciqilee shan
dheeratu tokkolle ijjeeseera. Namichi Gibxi'ii sun, eboo somey isi'ii muka worri woyaa dhowu, woyaa dhowu itti maru fakkaattu qabaatulle, Benaayaan ulee ifii qabatee itti dhaqee, eboo isaa harkaa butee fuudhee, ebuma isaatiin namicha Gibxi'ii san ijjeese.

24 Ilmi Yihoyaada'aa Benaayaan tana godhi-
isaan, innille akkuma gootota dhiira sadiin sanii gootummaa dhaggate.

25 Inni loltoota gootota soddoma san caalaa
ulfinna dhaggate; te'uu malee inni akka gootota sadiin kaanii ka beekkamee moti. Daawiti worra isa eegu irratti itti gaafatamaa isa godhate.

26 Loltooti goototi ka asii gad jiranu: obboleessa
Yo'aabii Asaahel, nama biyya Betlihemii ilma Dodoo Elhaanaa,

27 nama biyya Harorii Shaamoot, nama biyya
Phelonii Helez,
28 nama biyya Teqo'aa ilma Iiqishii Iiraa, nama
biyya Anaatotii Abii'ezer,
29 nama biyya Hushii Siibekaayi, nama biyya
Ahohii Iilaayi,
30 nama biyya Netofii Maharaay, nama biyya
Netofii ilma Ba'anaa Heled,
31 sanyii Beniyaamii keessaa nama biyya Gi-
ibe'aatii ilma Riibaayii Iitaayi, nama biyya Phi-
iraatonii Benaayaa,
32 nama biyya dhooqa Ga'aashii keessaa Hu-
raayi, nama biyya Aarbataahii Abii'el,
33 nama biyya Baharumii Azmaawet, nama
biyya Sha'albonii Eliyaabaa,
34 ilmaan Haashemii nama biyya Giizonii, nama
biyya Haraarii ilma Shaagee Yonaataan,
35 nama biyya Haraarii ilma Saakaarii Ahii'aam,
ilma Urii Eliifaal,
36 nama biyya Mekeraatii Hefer, nama biyya
Phelonii Ahiiyaa,
37 nama biyya Qarmelosii Hezro, ilma Ezbaayii
Na'araayi,
38 obboleessa Naataanii Yo'el, ilma Hagrii Miib-
haar,
39 nama biyya Amoonii Zeleq, nama biyya Be-
rootii ka meya lolaa Yo'aabii ba'atu, ka Zeruyaan
deette Naharaayi,
40 nama biyya Yaatiirii Iiraa, nama biyya Yaati-
irii Gaareb,
41 nama biyya Heetii Uriiyaa, ilma Ahilaayii
Zaabaad,

42 ilma Shiizaa nama biyya Ruubenii ka gosa Ruubeniitii fi loltoota soddoma isa woliin jirtuuf sooressa te'e Adiinaa,
43 ilma Ma'akaa Haanaan, nama biyya Miitaanii Yoshaafaax,
44 nama biyya Ashteraatii Uziyaa, ilmaan Hotaamii nama biyya Aro'erii Shaamaa'ii fi Yeyi'el,
45 ilmaan Shiimrii nama biyya Tiizaahii Yediyaa'elii fi obboleessa isaa Yohaa,
46 nama biyya Mahawaatii Elii'el, ilmaan Elnaa'aamii Yeriibaayii fi Yoshaabiyaa, nama biyya Mo'aabii Iitmaa,
47 Elii'el, Obedii fi nama biyya Mezoobii Ya'aasi'el.

# 12

*Loltoota Daawititti Dabalamane*

1 Daawiti ilma Qiishii Saa'ol duraa dhokatee
Siiqlaag keessa adoo jiruu, loltoota gootota duula keessatti isa qarqaarane keessaa ka gara isaa dhufane, ka asii gad jiranu:
2 Isaan worra guube'ee ka daaya harka middaatii fi bita'aatiin darbatiisa, dhakaalle qolaansiisa dande'u, gosa Beniyaamii keessaa fira Saa'olii ti;
3 Sooressitooti isaanii Ahii'ezerii fi Yo'aas;
isaan lamaanuu ilmaan Shema'aa nama biyya Giibe'aatii ti; ilmaan Azmaweeyezii'elii fi Phelex, Beraakaa, nama biyya Anaatotii Yehuu,
4 nama biyya Giibe'onii Yishmaa'iyaa ka odduu loltoota soddomaatitti gooticha sooressa isaanii te'e; Ermiyaas, Yahaazi'el, Yohaannaan, nama biyya Gederaatii Yozaabaad,

5 Eluzaayi, Yeremoot, Belaayaa, Shemaariyaa,
nama biyya Haruufii Shefaaxiyaa,
6 Elqaanaa, Yeshiiyaa, Azaarel, Yo'ezerii fi nama
biyya Qoraahii Yaashaabe'aam,
7 nama biyya Gedoorii keessaa ilmaan Yero-
haamii Yo'elaa fi Zebaadiya'a.

8 Daawiti kushee goomolee keessaa keessa adoo
jiruu gosa Gaadii keessaa loltooti goototi gara isaa
dhufane; isaan worra wonte'ee fi woraana qabati-
isa beekanu, ka fuulli isaanii akka fuula neenqaa
sodaachisuu fi ariitiin isaaniille akka buddannee
gaara irraa ti.
9 Sooressitooti isaanii tokkeessoon Ezer, lam-
meessoon Obaadiyaa, sadeessoon Eliiyaab,
10 arfeessoon Miishimana'a, shaneessoon Er-
miyaas,
11 jayeessoon Aataayi, torbeessoon Elii'el,
12 saddeetessoon Yohaanna'a, sagaleessoon
Elzaabaad,
13 kudhaneessoon Ermiyaas, kudha
tokkeessoon Maakbaanaay.

14 Isaan kun ajajjoota loltoota gosa Gaadii
ti; isaan keessaa ajajaan diqqaan akka ajajaa
loltoota dhibbaa ti; ajajaan guddaan akka ajajaa
loltoota kumaa ti.
15 Isaan ji'a qaraa keessa, yennaa lagi Yor-
daanosii guute, gamatti bu'anee worra Yordaanos
irraa karaa aduun baatuu fi karaa aduun seentu
dhooqa keessa le'u mara ari'ane.

16 Gosa Beniyaaminiitii fi gosa Yihuda'aa
keessaa namooti gariin gara kushee isaa Daawiti
bira dhufane.

17 Daawiti isaan qophatiisaaf gara isaanii
gad bayee isaaniin, «Isin nageyaaf, na
qarqaariisaafille gara kiyya yoo dhuttanee
jiraattane, isin fudhatiisaaf qophoweera. Adoo
ani dokonkora tokko hin qabaatin, isin diina
kiyyatti dabarsitanee na kenniisaaf gara kiyya
yoo dhuttanee jiraattane ammoo, Waaqi abbootii
teennaa isin dhagguu ti; isinille'etti muruu ti»
jedhe.
18 Achiin duuba ayyaanni Waaqaa ajajaa
loltoota soddomaa Amaasaayi irratti bu'ee,

«Ee Daawiti, nuuti keeti;
Ee ilma Iseyii nuuti si woliin jirra;
Waaqi waan si qarqaaruuf
nageenni siif te'u!
worra si qarqaaruufille
nageenni te'uu ti» jedheen.

Maarre Daawiti isaan fudhatee, sooressitoota loltoota ifii godhate.
19 Daawiti worra Filisxeemotaa woliin Saa'olii
mooticha loliisaaf yennaa dhaqe, gosa Minaase'ee
keessaa gariin finqilanee loltoota Daawitiititti
makamane; te'uu malee Daawitii fi namooti isaa
worra Filisxeemotaa hin qarqaarre; sababille
sooressitooti Filisxeemotaa, «Daawiti, nu fixee gara
goottaa ifii Saa'olii deebi'a» jedhanee waan so-
daataneef, mari'atanee akka inni achii deemu
godhane.
20 Yennaa Daawiti gara Siiqlaagii dhaqe gosa Mi-
naase'ee keessaa, ajajjooti kumaa: Adiinaa, Yoza-
abaad, Yediyaa'el, Mikaa'el, Yozaabaad, Eliihuu fi
Ziiletaay finqilanee gara isaa galane.

21 Isaan kun marti loltoota gootota waan
te'aneef, loltoota isaa keessalle'etti ajajjoota waan
te'aneef, worra Daawititti duule loliisaan isa
qarqaarane.
22 Loltooti Daawitii akka loltoota Waaqaa haga
bacatanutti, namooti isa qarqaarsiisaaf guyyuma
guyya'aan gara isaa dhufane.

## *Worri dhibiin Kebroonitti Gara Daawitii Dhufane*

23 Akkuma Mootiin Waan Maraa Daawitiif
waadaa galetti, laakkossi loltoota lolaaf
hidhatanee, mootummaa Saa'olii mootichaa gara
isaa deebisiisaaf, Kebroonitti gara Daawitii worri
dhufe ka asii gad jiru:
24 Wonte'ee fi eboo qabatanee lolaaf worri
qophowane, namooti Yihuda'aa loltoota kuma jaa
fi dhibba saddeeti.
25 Gosa Shimi'oonii keessaa loltooti goototi lo-
laaf qophowane, namoota kuma torbaa fi dhibba
tokko.
26 Gosa Lewwi'ii keessaa loltoota kuma afurii fi
dhibba jaa.
27 Akkasuma fira Aaronii keessaa Yehoyaadaa
sooressaa isaanii woliin nama kuma sadii fi
dhibba torba.
28 Dargaggeessa goota Zaadoqii fi maatii abbaa
isaa keessaa ajajjooti diddamii lama.
29 Fira Saa'olii keessaa namooti Beniyaamii kum
sad, isaan keessaa gariin irra caalaan haga bara
saniititti Saa'oliif addatamane.
30 Namoota Efreemii keessaa, loltooti goototi
fira abbaa ifii keessatti beekkamane kuma did-
damaa fi dhibba saddeeti.

31 Namoota gamisa gosa Minaase'ee keessaa, ka maqaan isaanii galmeeffamee, Daawiti mootii godhatiisaaf dhufane, namoota kuma kudha saddeeti.

32 Sanyii Yisaakorii keessaa, worri bara hubatane, waan Israa'el maltelle worri beekane, fira isaanii worra ajaja isaanii jala jiranu mara woliin sooreyyiin dhibba lama.

33 Namoota Zebuloonii keessaa, loltooti meya lolaa maraan leenjifamanee lolaaf qophowane, ka gadhaa tokkochaan Daawiti qarqaariisaaf dhufane, namoota kuma shantama.

34 Sanyii Niftaalemii keessaa ajajjooti kuma tokko; isaan wolille'een worri wonte'ee fi eboo qabatu nama kuma soddomii torba.

35 Sanyii Daanii keessaa ka lolaaf qophowane, namoota kuma diddamii saddeetii fi dhibba jaa.

36 Sanyii Asheerii keessaa ka lolaaf leenjifamanee duulaaf qophowane kuma afurtama.

37 Worra laga Yordaanosii irraa karaa aduun baatu jiranu keessaa, namooti Ruubenii, namooti Gaadiitii fi gamisa gosa Minaase'ee ka meya lolaa mara hidhatane, nama kuma dhibba tokkoo fi kuma diddama.

38 Loltooti lolaaf qophootte tun martinuu gadhaa tokkochaan, Daawiti Israa'el irratti mootii godhatiisaaf gara Kebroonii dhufane. Namooti Israa'elii worri hafane martille, Daawiti mootii godhatiisaaf yaadi isaanii akkuma san tokko te'e.

39 Namooti kun waan firri isaanii isaaniif qopheessane nyaataa, unaa guyyaa sad Daawiti bira turane.

40 Israa'el keessatti yennaa gammadaa waan
teeteef, namooti adaala isaanii jiranulle, lafa fa-
goo Yisaakor irraa, Zebuloonii fi Niftaalem ir-
raa sagalee harreelle'etti, gaalotatti, gaangole'ee fi
sangootatti fe'anee bullaa, bixee harru'uu, bixee
midhaan woyni'ii, daadhii woyni'iitii fi zayitii ba-
caa fe'anee fidane. Sangootaa fi hooleelle fidanee
dhufane.

# 13

*Kiriiyat-Ya'ariim Irraa Saanduqa Gondooro'oo Fidane*

1 Daawitiin mootichi ajajjoota ifii ta kumaatii fi
ta dhibbaa, sooreyyii ifii mara woliin mari'ate.
2 Achiin duuba Daawiti gumii Israa'elootaa
maraan, «Wonni kun yoo isinitti dansaa fakkaatte,
fedhii Mootii Waan Maraa Waaqa keennaalle yoo
teete, obboleeyyan teenna ta hatte, worri lafa
Israa'elii keessa jiranu, hayyootaa fi Lewwooti qa-
choota ifii keessaa fi lafa tikaa ta ifii keessa jiranu
marti, dhufanee akka nu woliin wolitti qabamanu
namoota isaanitti ergina.
3 Kowa'a, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii
Waan Maraa Waaqa keennaa ta bara mootum-
maa Saa'olii hin barbaadin, dhandhee fidanna»
jedhe.
4 Wonni sun marti isaan maratti sirrii teetee
waan mudhatteef, kolbaan sun marti tana godhi-
isaaf wolii galte.
5 Maarre Daawiti Saanduqa Gondooro'oo ka
Waaqaa Kiriiyat-Ya'ariimii fidiisaaf, Israa'eloota
laga Shiihorii ka Gibxii keessaatii jalqabee, haga
seensuma Haamaatii jiranu mara wolitti qabe.

6 Daawitii fi Israa'elooti marti Saanduqa Gon-
dooro'oo ta Waaqa Mootii Waan Maraa ta maqaa
isaatiin waamante, ta dada ol-gubba'aa ta koola
qaddu lamaan odduu barcuma'aa irra keyante
san fidiisaaf, gara qachaa Ba'aalaa, ka Yihu-
daa keessaa ka «Kiriiyat-Ya'ariimii» jedhamutti ol
bayane.
7 Isaan Saanduqa Gondooro'oo ta Waaqaa mana
Abinaadaabiitii fuudhanee, garreettaa haareya
irra keyanee fidane. Uzaanii fi Ahiiyon garreettaa
harkifamu san oofane.
8 Daawitii fi Israa'elooti marti hunna ifii
maraan Waaqa duratti weeddu'uun, kiraara
guddichaan, maseenqo'oon, dibbe'een, sibiila
wolitti dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuu
fi tultulla'aan jilifatane.
9 Eeddummee Kiidonii yennaa geyane qotiyy-
ooti garreettaa harkittu waan gufatteef, Uzaan
Saanduqa Gondooro'oo san qabiisaaf itti hiixate.
10 Uzaan Saanduqa Gondooro'oo san harka ifi-
itiin waan tuqeef, Mootiin Waan Maraa isatti aa-
ree isa dhowe. Maarre inni achuma Waaqa du-
ratti du'e.
11 Aariin Mootii Waan Maraa waan Uzaa cassi-
teef, Daawiti aare. Addeen sun haga adhaatitti
«Pherez-Uzaa*» jedhanti.
12 Daawiti gaafasii jalqabee Waaqa sodaatee,
«Ani attamiin Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa
tana fudhadhee galuu dande'a ree?» jedhe.
13 Tanaaf, Daawiti Saanduqa Gondooro'oo san
gara qachaa ifii fudhatee galiisa lakkisee, gara

---

* **13:11** *Pherez-Uzaa:* Afaan Ibrootaatiin *cannana Uza'aa* jechu'u.

mana Obed-Edoomii nama qachaa Gaatii geesse.
14 Saanduqi Gondooro'oo ta Waaqaa, ji'a sad
maatii Obed-Edoomii woliin mana isaa keessa
turte. Mootiin Waan Maraalle maatii Obed-
Edoomiitii fi waan inni qabu mara eebbise.

# 14

### *Mana Daawitiitii Fi Maatii Isaa*

1 Mooticha Daawitiif mana mootumma'aa akka
ijaaranuuf, mootichi Xiiroosii Hiiraam namoota
mana dhaka'aan ijaaranuu fi namoota muka boci-
isa beekanu, muka hindheensaa woliin isaaf erge.
2 Daawitille akka Mootiin Waan Maraa kolbaa
Israa'elii irratti mootii isa godhee fi sababa kolbaa
ifii Israa'eliitiif jedhee mootummaa isaalle akka
guddise beeke.
3 Daawiti Yerusaalem keessatti dubartii ede'ee
fuudhee, ilmaanii fi ijoollee durraa ede'ee uu-
mate.
4 Maqaan ijoollee inni Yerusaalemitti uumatee:
Shamu'aa, Shobaab, Naataan, Solomoon,
5 Yiibhaar, Eliishuwaa, Elphaalex,
6 Nogaa, Nefeg, Yaafii'aa,
7 Eliishaamaa, Ba'aal-Yaadaa fi Eliifelex.

### *Daawiti Worra Filisxeemotaa Injifate*

8 Daawiti biyya Israa'elii irratti mootii akka
te'e worri Filisxeemotaa yennaa dhage'e, marti
isaaniituu isa qabiisaaf ol bayane; Daawitille
isaan loliisaaf duula itti baye.
9 Worri Filisxeemotaa dhooqa Refaa'iimii geya-
nee saamiisa jalqabane.

10 Daawiti, «Worra Filisxeemotaatitti duuluu? Ati harka kiyyatti dabarsitee isaan hin kennitaa?» jedhee Waaqa gaafate.

Mootiin Waan Maraa deebisee, «Ee, duuli, ani harka keetitti dabarsee isaan hin kenna» jedhe.

11 Maarre Daawiti namoota ifii woliin gara
Ba'aal Pheraaziimii ol bayee, worra Filisxeemotaa lolanee injifatane. Inni, «Akka lolaan bisaanii ededa caccassu, Waaqi harka kiyya irratti diinota kiyya caccasse» jedhe. Tana irratti maqaan addee saniille, «Ba'aal-Pheraaziim*» jedhamee moggaafame.

12 Worri Filisxeemotaa waaqota ifii ka dharaa
achitti lakkisanee baqatane; Daawiti akka isaan gubamanuuf ajaja baase.

13 Worri Filisxeemotaa ammalle deebi'anee
dhooqa san saamiisa jalqabane.

14 Daawiti ammalle Waaqa gaafate; Waaqille
deebisee, «Marfadhuutii muka harru'uu biraan isaan loli malee, fuula duraan itti ol hin bayin.

15 Qoonqoo geerarsaa qaccee muka harru'uu
gubba'atti yennaa dhageette, ani loltoota Filisxeemotaa injifatiisaaf si'iin dura waan bayuuf, isaan loliisaaf dhaqi» jedheen.

16 Daawiti akkuma Waaqi isa ajaje godhee,
namoota ifii woliin, Giibe'onii jalqabee haga Gezeriititti loltoota worra Filisxeemotaa ari'e.

17 Gurri Daawitii lafa maratti dhage'ame;
Mootiin Waan Maraalle gosi biyyi adda addaa akka isa sodaattu godhe.

---

* **14:11** *Ba'aal-Pheraaziim:* Afaan Ibrootaatiin *Mootiin Waan Maraa caccassuu ti* jechu'u.

# 15

### *Saanduqa Gondooro'oo Gara Yerusaalemii Geessane*

1 Daawiti qachaa ifii keessatti mana ijaarrateen
duuba, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaatiif
addee qopheessee, dunkaanii dhaabeef.
2 Achiin duuba Daawiti, «Mootiin Waan
Maraa, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa akka
ba'atanuuf, haga bara baraa isa akka tajaajilanu,
Lewwoota waan filateef, isaan malee nami
tokkolle Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa hin
ba'atu» jedhe.
3 Daawiti Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa
san, gara addee inni isi'iif qopheessee akka fi-
danuuf Israa'eloota mara Yerusaalemitti wolitti
qabe.
4 Inni sanyii Aaroniitii fi Lewwootalle wolitti
qabe.
5 Worri inni wolitti qabe, sanyii Qehaatii
keessaa sooressa Urii'elii fi firoota isaa nama
dhibba tokkoo fi diddama,
6 sanyii Meraarii keessaa sooressa Asaaya'aa fi
firoota isaa nama dhibba lamaa fi diddama,
7 sanyii Gershoomii keessaa sooressa Yo'elii fi
firoota isaa nama dhibba tokkoo fi soddoma,
8 sanyii Eliizaafaanii keessaa sooressa She-
maa'iyaa fi firoota isaa nama dhibba lama,
9 sanyii Kebroonii keessaa sooressa Elii'elii fi
firoota isaa nama saddeettama,
10 sanyii Uzii'elii keessaa sooressa
Aminaadaabii fi firoota isaa nama dhibba tokkoo
fi kudhanii lama.

11 Achiin duuba Daawiti hayyoota lama Za-
adoqii fi Abiyaataar, akkasuma Lewwoota jaa
Urii'el, Asaayaa, Yo'el, Shemaa'iyaa, Elii'elii fi Am-
inaadaab waamee,
12 «Isin sooressitoota maatii Lewwootaa ti. Saan-
duqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa Waaqa
Israa'elii, gara addee ani isi'iif qopheessee fidi-
isaaf, ifii fi fira keessanille woyyoonsa'a.
13 Yennaa qaraa isin Lewwooti Saanduqa Gon-
dooro'oo hin ba'anne; nuutille akka ajaja isaatitti
isa hin barbaanne. Tanaaf Mootiin Waan Maraa
Waaqi keenna aarii ifii nu irratti bobeesse» jedhee
dubbate.
14 Maarre hayyootii fi Lewwooti, Saanduqa
Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa Waaqa Is-
raa'elii fidiisaaf, ifi woyyoonsane.
15 Muuseen akka jecha Mootii Waan Maraatitti
akkuma ajaje, Lewwooti Saanduqa Gondooro'oo
ta Waaqaa san danqara'aan gurmuu ifii irratti
ba'atane.

16 Daawiti itti dabalee sooressitooti Lewwootaa,
namoota meya faaru'uutiin, maseenqo'oon, ki-
raara guddichaan, sibiila wolitti dhowamee qoon-
qoo guddoo dhageessisuun, faaruu nama gam-
machiittu akka faarfatanu fira ifii keessaa akka
filanu ajaje.
17 Maarre worri Lewwootaa ilma Yo'elii
Hemaan, fira isaa keessaa ilma Berekiiya'aa
Asaafii fi ilma Qushaaya'aa Etaan filatane.
18 Isaan wolille'een sadarkaa lammeesso'ootitti
fira isaanii ka filamane Zakaariyaas, Ya'aasi'el,
Shemiiraamoot, Yehii'el, Unii, Eliiyaab, Benaayaa,
Ma'aseyaa, Matiitiyaa, Eliifelehuu, Miiqneyaa,

Obed-Edoomii fi Yeyi'el worra karra eegu god-
hane.
19 Worri faarfatu Hemaan, Asaafii fi Etaan
worra sibiila sageettu'uu wolitti dhowanee qilil-
lisiisan.
20 Zakaariyaas, Azii'el, Shemiiraamoot, Yehii'el,
Uniin, Eliiyaab, Ma'aseyaanii fi Benaayaan,
maseenqoo akka qoonqoo dubartootaa ta ol
qabataneetitti dhowan.
21 Matiitiyaan, Eliifelehuun, Miiqneyaan, Obed-
Edoom, Yeyi'elii fi Azaziiyaan kiraara guddicha
dhowan.
22 Qayinaaniin Lewwichi sooressa faarsitootaa
itti gaafatamaa faaru'uu ti; inni beekkicha
faaru'uu ti.
23 Berekiiyaanii fi Elqaanaan eeddota karra
Saanduqa Gondooro'oo ti.
24 Hayyooti Shebaniyaan, Yoshaafaax,
Nataani'el, Amaasaayi, Zakaariyaas, Benaayaanii
fi Elii'ezer Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa
duratti tultullaa afuufan. Obed-Edoomii fi
Yehiiyaan eeddota karra Saanduqa Gondooro'oo
ti.
25 Maarre Daawiti, jaarsoleen Israa'eliitii fi
ajajjooti kumaa, Saanduqa Gondooro'oo Ka
Mootii Waan Maraa mana Obed-Edoomiitii
fidiisaaf gammada gudda'aan dhaqane.
26 Waaqi Lewwoota Saanduqa Gondooro'oo Ka
Mootii Waan Maraa ba'atane san waan qarqaa-
reef, isaan korommii torbaa fi korbeeyyii hoole'ee
torba ciincaa dhikeessane.
27 Daawiti gaafas akkuma Lewwoota Saan-
duqa Gondooro'oo ba'atanuu, akka faarsitootaatii
fi akka Qayinaanii itti gaafatamaa faarsitootaa,

woyaa quncee talba'aa dansaa irraa hujante uffateeraayyu; itti dabaleelle woyaa dirata qomaa ta quncee talba'aa irraa hujate uffateeraayyu.
28 Maarre Israa'elooti marti ilillisaa, gaafa ko-
rbeeyyii hoole'eetii fi tultullaa afuufaa, sibiila wolitti dhowaa qilillisiisaa, kiraara guddichaa fi maseenqoo dhowaa, Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraa fidane.
29 Yennaa Saanduqi Gondooro'oo ka Mootii
Waan Maraa gara qachaa Daawitii gale, intalti Saa'olii Mikaal foddaa manaatiin gad ilaaltee, mootichi Daawiti firinxiixee sirbuun yennaa dhaggite, gadhaa ifii keessatti isa tuffatte.

# 16

1 Isaan Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa fida-
nee, dunkaanii Daawiti dhaabeef keessa keyane; achiin duuba kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa Waaqaaf dhikeessane.
2 Daawiti kennansa gubamuu fi kennansa
tokkumma'aa Waaqaaf dhikeessee fixeen duuba, maqaa Mootii Waan Maraatiin kolbaa eebbise.
3 Inni Israa'eloota tokko tokkoof dhiiraa fi
dubarti'iif, xaltaa daabbo'oo tokko tokko, foon gumaa tokko tokko, bixee midhaan woyni'ii tokko tokko hireef.
4 Daawiti Lewwoota keessaa worra garii ka
Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti tajaajilanuu fi ka Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii gaafatanu, ka galateeffatanuu fi leellifatanu file.
5 Sooressi isaanii Asaaf, itti aanaan
Zakaariyaas; worri maseenqo'oo fi kiraara guddicha dhowanu Yeyi'el, Shemiiraamoot,

Yehii'el, Matiitiyaa, Eliiyaab, Benaayaa, Obed-Edoomii fi Yeyi'el; Asaaf sibiila wolitti dhowee qilillisiisa.
6 Hayyooti Benaayaanii fi Yahaazi'el yennaa
mara, Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti
tultullaa afuufan.

### *Faaruu Daawitii Ta Galataa*

7 Guyyaa san faaruun galataa ta Mootii Waan
Maraa ta Daawiti qara Lewwootii fi Asaaf akka
faarfatanu itti kenne ta asii gad jirtu:

8 Mootii Waan Maraa galateeffadha'a;
maqaa isaa waammadha'a;
Waan inni godhelle
odduu gosa biyya adda addaatitti beessisa'a.
9 Isa faarfadha'a; isa leellifadha'a
hujii isaa ta maade'ee hima'a.
10 Maqaa isaa woyyichaan bondhoora'a;
worri Mootii Waan Maraa barbaadu
firinxiixuu ti.
11 Mootii Waan Maraatii fi
hunna isaa barbaada'a;
Yennaa mara fuula isaa barbaadadha'a!
12 Hujii maade'ee ta inni huje,
baasa isaatii fi
muraa inni kennelle qaabadha'a.
13 Ee, isin sanyiin Yaaqoobii tajaajilaa Waaqaa,
isin sanyii Israa'elii,
ta Waaqaaf filatantane,
14 Inni Mootii Waan Maraa Waaqa keenna;
muraan isaa lafa mara hin dhaqqaddi.
15 Inni Gondooroo ifii haga bara baraa,
ajaja ifiille haga dhaloota kumaa hin yaadata.
16 Gondooroo Abrahaam woliin gondoorate,

kakuu Yisihaqiif waadaa gale hin eegata.
17 Tun Yaaqoobiif seerata jabaa,
Israa'eliifille Gondooroo bara baraa
akka teetuuf godhe.

18 Inni, «Qooda dhaala sanyii teetii akka teetuuf,
lafa Kana'aanii si'iif hin kenna» jedhe.

19 Yennaa san laakkossi isaanii hin bacanne,
isaan nama diqqaa lafa sanitti alagaa te'e.
20 Gosa biyya tokkoo irraa
gara gosa biyya tokkootitti,
mootummaa tokko irraa
gara mootummaa tokkootitti daaqane.
21 Inni nami tokkolle
akka isaan cunqursu hin lakkinne;
inni isaaniif jedhee moototaayyuu xixee,
22 «Worra ani muude hin tuqina'a;
raagota tiyyalle hin miidhina'a» jedhe.

23 Biyyi lafaa martinuu
Mootii Waan Maraatiif faarfadha'a;
fayyisuu isaalle guyyuma guyya'aan odeessa'a.
24 Gosa biyya adda addaa oddu'utti ulfinna isaa,
kolbaa mara oddu'utti
hujii baasa isaa ta baasaa lassa'a.

25 Mootiin Waan Mara guddaa waan te'eef
guddoo leellifamuu qaba;
waaqota mara caalaa sodaatamuu qaba.
26 Waaqoti gosa biyya adda addaa marti
waaqota dharaa ti;
Mootiin Waan Maraa ammoo

ka ol-gubbaa dade.

27 Ulfinnaa fi arnyi fuula isaa dura
jabeennii fi gammadi addee bultoo isaa jiran.
28 Ee, isin firri gosa biyya adda addaa
Mootii Waan Maraa leellisa'a;
ulfinnaa fi jabeenna isaalle leellisa'a.
29 Ulfinna maqaa Mootii Waan Maraa leellisa'a;
kennansa fida'aatii isa dura dhikaadha'a.
Ulfinna woyyummaa isaatiif,
Mootii Waan Maraa waaqonfadha'a.
30 Lafa mara isa duratti sheephisa'a;
Biyyi lafaa jabaattee dhaabbatteerti;
isiin ijjumaa hin tachootu.
31 Ol-gubbaan gammadduu ti;
lattille firinxiixxuu ti.
Kolbaan gosa biyya adda addaa oddu'utti,
«Mootiin Waan Maraa mowe» jettuu ti.
32 Abbaaya'aa fi wonni isii keessaa marti
shookkisanuu ti;
ficha'aa fi wonni isa keessaa marti
firinxiixanuu ti.
33 Mootiin Waan Maraa
biyya lafaa irratti muriisaaf waan dhufuuf,
mukooti gongoma'aa gammadaa
isa duratti faarsanuu ti.

34 Maganne'e, Mootiin Waan Maraa
dansaa waan te'eef,
jaalalli isaa ka haga bara baraa waan te'eef,
isa galateessa'a.
35 Isin, «Nuuti maqaa keeti woyyicha
akka galateeffannuuf,
ulfinna keeti akka leellifannuuf,

ee, Waaqa fayyisaa keenna,
ati gosa biyya adda addaa harkaa nu baasiitii,
wolitti nu qabi» jedhaalle'e.
36 Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii
haga bara baraa leellifamuu ti.
Achiin duuba kolbaan marti, «Ameen!
Mootiin Waan Maraa leellifamuu ti» jette.

37 Asaafii fi Lewwooti akka isaa Saanduqa Gondooro'oo ka Waaqaa duratti, guyyuma guyya'aan akka tajaajilanu, Daawiti achitti isaan lakkise.
38 Akkasuma ammalle Obed-Edoomii fi Lewwooti akka isaa namooti jaatamii saddeeti, ilmi Yedutuu Obed-Edoomii fi Hosaah karra akka eeganuuf achitti isaan lakkise.
39 Zaadoqii Hayyichaa fi hayyoota akka isaa, Dunkaanii Woldeenna'aa ta Mootii Waan Maraa ta addee waaqonfanna'aa ta Giibe'on keessa jirtu duratti,
40 guyyaa mara ganamaa fi galgala, akkuma seera Mootiin Waan Maraa Israa'eliif kenne keessatti barreeffametti, addee ciinca'aa irratti kennansa gubamu Mootii Waan Maraatiif akka dhikeessanuuf, Daawiti achitti isaan lakkise.
41 Isaan wolille'een Hemaan, Yedutuu fi worri dhibiin hafe ka filame, «Jaalalli Mootii Waan Maraa ka bara baraa ti» jedhaa faarsulle woliin jiraniiyyu.
42 Hemaanii fi Yedutuun itti gaafatantoota meya ittiin Waaqa faarfatanuu, ka tultulla'aatii fi sibiila wolitti dhowanee qilillisiisanuu te'ane. Ilmaan Yedutuu eeddota karra dalleyaa te'ane.
43 Achiin duuba kolbaan marti gara mana ifii galte; Daawitille maatii ifii eebbisiisaaf gara mana

ifii dhaqe.

# 17

*Gondooroo Mootiin Waan Maraa Daawiti Woliin Godhate*

1 Daawiti mana mootummaa ifii keessa quba-
teen duuba, inni raagicha Naataaniin, «Kunoo, ani
mana muka hindheensaatiin ijaarame keessa le'a;
Saanduqi Gondooro'oo Mootii Waan Maraa am-
moo dunkaanii jala jira» jedhe.
2 Naataanille deebisee Daawitiin, «Waaqi si
woliin waan jiruuf, waan gadhaan keeti yaade
mara godhi» jedhe.
3 Halkanuma san jechi Mootii Waan Maraa gara
Naataanii dhufee,
4 «Dhaqiitii tajaajilaa kiyya Daawitiin, ‹Mootiin
Waan Maraa: mana ani keessa le'u ka naaf ijaaru
si'ii moti.
5 Ani bara Israa'eloota biyya Gibxi'ii keessaa
baaseen jalqabee haga ammaatitti, dunkaanii
takkaa irraa gara dunkaanii taaniititti, addee qut-
tumaa takka irraa gara addee quttumaa taanitti
deeme malee, mana keessa hin leene.
6 Israa'eloota mara woliin lafa dhaqe maratti,
abbootii mura'aa ta Israa'elii worra ani kolbaa
tiyya akka eeganuuf ajaje keessaa tokkolle'een:
muka hindheensaatiin maaf mana naa ijaaruu
didde? jedhee beekaa?
7 « ‹Tanaaf, amma ati garbicha kiyya Daawitiin:
Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade: Ati
kolbaa tiyya Israa'el akka bulchituuf, adoo ati
hoolee tissituu tika keessaa si fudhadhe.
8 Lafa ati dhaxxe maratti si woliin jiraayyu;
diinota keeti maralle fuula keeti duraa balleesse.

Ammalle akka maqaa namoota gugurdaa biyya lafaa keessaa akka maqaa tokkochaa maqaa keeti hin godha.
9 Kolbaa tiyya Israa'eliif addee hin kenna; isaan
hin sarbamanu; biyya ifii keessa hin le'an. Haganaa achi namooti hamooleen akka yennaa durii san isaan hin cunqursanu.
10 Yennaa ani abbootii mura'aa kolbaa tiyya
Israa'eliif kaaseen jalqabanee, ka isaan cunqursane, deebi'ane isaan hin cunqursanu; diinolee teeti mara gad hin deebisa. Mootiin Waan Maraa mootummaa sanyii teetii jabeessee akka dhaabu ani sitti hima.
11 Barri keeti geyee duutee, abbootii teeti biratti
yennaa awwaalantu, sanyii teeti keessaa ilma keeti tokkocha addee teetitti mootii hin godha; mootummaa isaalle hin jabeessa.
12 Inni mana naaf hin ijaara; anille barcumaa
mootummaa isaa haga bara baraa hin jabeessa.
13 Ani abbaa isaa hin te'a; inni ilma kiyya hin
te'a. Mooticha si'iin duraa irraa jaalala kiyya ka bara baraa akka kaase, ilma keeti irraa jaalala kiyya ka bara baraa hin kaasu.
14 Inni kolbaa tiyya irratti, mootummaa tiyya
irralle'etti bara baraan jabaatee akka dhaabbatu hin godha; barcumaan mootummaa isaalle bara baraan jabaatee hin jiraata› jedhi» jedhe.
15 Naataan dubbii mudhi'ii tana mara Daawititti
hime.

### *Daadimata Daawitii*

16 Achiin duuba Daawitiin mootichi ol seenee
Mootii Waan Maraa dura tee'ee, «Ee Mootii Waan

Maraa Waaqa, ati as ka na geessitte, anii fi maatiin tiyya eennu?

17 Ee Waaqa, tun si duratti akka hin geennee laakkottee, sanyiin tajaajilaa keetii gara duraa maan te'uu akka jirtu dubbatteerta. Ee Mootii Waan Maraa Waaqa, ati akka waan ani nama mara caalaa ulfinna qabuutitti na ilaalteerta.

18 Ati ana tajaajilaa keeti hin beetta; marroo ulfinna ati ana tajaajilaa keetiif kenniteef tana caalaa maan jechuu dande'a ree?

19 Ee Mootii Waan Maraa, tajaajilaa keetiif jettee akka fedha keetiititti, waan guddoo tana gooteerta; waadaa guddaa kana maralle beessitteerta.

20 Ee Mootii Waan Maraa, akkuma nuuti gurra keennaan dhageenne ka akka keetii tokkolle hin jiru; si malee Waaqi dhibiin hin jiru.

21 Kolbaan ati teeti godhatiisaaf wodatte kolbaa Israa'elii malee, kolbaan dhibiin hin jirtu; kolbaa teeti ta Gibxi'ii baatte tana duraa gosa biyya adda addaa ariitee baattee, hujii teeti guddo'oo fi sodaachittu'uun maqaa keeti akka beekkamu goote.

22 Ee Mootii Waan Maraa, ati kolbaa Israa'elii haga bara baraa teeti godhattee, Waaqa isaanii teete.

23 «Ammalle, ee Mootii Waan Maraa, marroo ana tajaajilaa keetiitii fi marroo sanyii tiyyaatiifille waadaan galte haga bara baraa jabaatee dhaabbatuu ti; akkuma dubbatte tolchi.

24 Guddinni maqaa keetii kunille haga bara baraa akka beekkamu waadaan ati galte kun jabaatee dhaabbatuu ti. Yennaa san namooti, ‹Mootiin Waan Maraa ka Waan Mara Dade, Waaqi

Israa'elii dhugumaan Waaqa Israa'elii ti› hin jedhan. Sanyiin ana tajaajilaa keeti Daawitiille si duratti jabaattee hin dhaabbatti.
25 Ee Waaqa kiyya, ati sanyii ana tajaajilaa keetii haga bara baraa jabaattee akka dhaabbattu, mudhi'iin waan natti dubbatteef, ani tajaajilaan keeti gara keeti daadimatiisaaf, jajjabeenna dhaggadheera.
26 Ee Mootii Waan Maraa, ati Waaqa; ati ana tajaajilaa keetiif waadaa dansaa kana galteerta.
27 Ati sanyii ana tajaajilaa keetii, haga bara baraa fuula keeti duratti eebbisiisaaf jaalatteerta. Ee Mootii Waan Maraa, ati waan isii eebbitteef, isiin haga bara baraa hin eebbifanti» jedhe.

# 18

### *Daawiti Diina Ifii Injifate*

1 Achiin duuba mootichi Daawiti worra Filisxeemotaa lolee injifatee, qachaa Gaatiitii fi olloota adaala isaa harka worra Filisxeemotaatii baase.
2 Daawiti Mo'aabotalle injifatee, isaan tajaajiltoota isaa te'anee, gibiralle isaaf fidane.
3 Daawiti itti dabalee lafa laga Efraaxiisii bira jirtu lolee harkatti galfatiisaaf yennaa dhaqe, mooticha Zoba'aa Hadaad-Ezer haga qachaa Haamaatii dhaqee lole.
4 Daawiti garreettaa fardaan harkifamu ka isaa kuma tokko, abbootii fardo'oo ka isaa kuma torbaa fi loltoota isaa ta miilaa kuma diddama booji'e. Inni fardoolee garreettaa harkittu dhibba tokko qofa hamburee, fardoolee hafane kaan mogolee kukkutee naaffise.

5 Namooti Sooriya'aa ka Damaasqoo keessa
le'anu, mooticha Zoba'aa Hadaad-Ezer qarqaari-
isaaf yennaa dhufane, Daawiti lolee isaan keessaa
namoota kuma diddamii lama ijjeese.
6 Achiin duuba inni lafa isaanii keessatti qut-
tuma loltootaa dhaabee, worri Sooriya'aa isaan
bulanee gibira isaaf geessane. Mootiin Waan
Maraa addee dhaqe maratti injifannoo Daawitiif
kenne.
7 Daawiti wontee worqi'ii ta qondaaltoti
Hadaad-Ezerii qabattu fudhatee, gara
Yerusaalemii geesse.
8 Inni ammalle qachoota Hadaad-Ezerii ka,
«Xibhaatii fi Chuun» jedhamanu keessaa sageet-
tuu bacaa fudhate. Mootichi Solomoon sageet-
tuu saniin waabaa bisaanii, utubootaa fi meya
sageettu'uu ka adda addaa huje.
9 Mootichi Haamaatii To'i, akka Daawiti loltoota
Hadaad-Ezerii mooticha Zoba'aa mara injifate
yennaa dhage'e,
10 ilma ifii Hadoraam akka dhaqee Daawitii
mooticha nageya fuudhee, «Baga gammadde» jed-
huuf gara Daawitii moootichaa erge; To'i yennaa
hedduu Hadaad-Ezeriin wol loleeraayyu. Hado-
raamille kennansa meya adda addaa ka worqii ir-
raa, meeti'ii fi sageettuu irraa hujame isaaf geesse.
11 Daawitiin mootichi meya kanalle akkuma
yennaa meeti'iitii fi worqii kolbaa Edoomii, kol-
baa Mo'aabii, kolbaa Amoonii, kolbaa Filisxeemo-
taatii fi Amaaleqii booji'ee fudhate godhe, Mootii
Waan Maraatiif adda baase.
12 Abiishaayiin Zeruyaan deette dhooqa sood-
daa keessatti namoota Edoomii kuma kudhanii

saddeeti ijjeese.
13 Daawiti quttuma loltootaa Edoom keessatti
dhaabe; worri Edoomiille martinuu isa gab-
barane. Mootiin Waan Maraa lafa Daawiti dhaqe
maratti injifannoo isaaf kenne.

### *Qondaaltota Daawitii*

14 Daawiti Israa'eloota mara irratti mootii te'ee,
kolbaa ifii maraaf muraa haqaa kennee, haqaan
bulche.
15 Yo'aabiin Zeruyaan deette, ajajaa loltootaa ti;
ilmi Ahiiludii Yoshaafaax itti gaafatamaa mana
galme'ee ti.
16 Ilmi Ahiixubii Zaadoq fi ilmi Abiyaataarii
Abiimelek hayyoota te'ane; Shaafshaan ammoo
barreessaa mana mootumma'aa te'e.
17 Ilmi Yehoyaadaa Benaayaan itti gaafatamaa
kutaa loltoota mooticha eeganuu ti; ilmaan Daaw-
itii hujii mootummaa isaa keessatti addee ol-
aantuu qabaniiyyu.

## 19

### *Daawiti Worra Amoonotaatii fi Sooriya'aa Injifate*

1 Yennaa diqqo'oon duuba mootichi Amoono-
taa Nahaashi duunaan, ilmi isaa addee isaatitti
mootii te'e.
2 Daawiti, «Abbaan Hanuunii Nahaashi waan
dansaa waan naa godheef, anille ilma isaa Hanuu-
niif waan dansaa hin godha» jedhee, sababa du'a
abbaa isaatiif akka isa jajjabeessanuuf namoota
itti erge.
Namooti Daawiti erge sun Hanuun jajjabeessi-
isaaf gara biyya Amoonii yennaa dhufane,

3 qondaaltoti Amoonotaa mooticha Hanuuniin,
«Daawiti namoota ergee si jajjabeessiisaan abbaa
keetiif ulfinna kennaara seetaa? Namooti isaa
biyya qorqoranee, mootummaa teeti garagalchi-
isaaf, lafa dooyiisaaf dhufanee motii ree?» jed-
hane.
4 Maarre Hanuun namoota Daawiti erge san
qabee, areeda irraa haadee, woyaa isaanii mu-
daamuddi'itti irraa muree isaan ari'e.
5 Namooti dhaqanee marroo namoota sanii
Daawititti yennaa himane, namooti ergamane
sun guddoo waan qaanowaneeranuuf, haga
areedi isaanii latee guddatutti Yerikoo akka
turanuu fi achiin duuba akka deebi'anu namoota
isaanitti erge.
6 Hanuunii fi worri Amoonotaa akka Daawiti
isaan jibbe yennaa hubatane Aaram Naharaayim,
Aaram Ma'akaa fi Zobaa irraa garreettaa fardaan
harkifamuu fi worra garreettaa fardaan hark-
ifamu oofu kireeffatiisaaf meetii gara kiiloogi-
raama kuma soddomii afurii ergane.
7 Isaan meetii saniin garreettaa fardaan hark-
ifamu kuma soddomii lamaa fi worra garreet-
taa fardaan harkifamu oofu, akkasuma mooticha
Ma'aka'aa fi loltoota isaa kireeffatane; isaan dh-
ufanee Medebaa bira qubatane; worri Amoono-
taa ammoo, qachoota ifii keessaa bayanee wolitti
qabamanee lolaaf qophowane.
8 Daawiti tana dhage'ee, Yo'aabii fi loltoota
gootota mara erge.
9 Worri Amoonotaa gad itti bayanee seensuma
qacha'aa duratti lolaaf qophowane; moototi isaan
qarqaariisaaf dhufanelle qofuu diida keessatti
addee qabatane.

10 Yo'aab duraa fi duuba isaatiin woraanni akka
isa marseeru yennaa dhagge, loltoota Israa'elii
keessaa loltoota gootota filee, worra Aaramii akka
lolanuuf erge.
11 Worra hafane obboleessi isaa Abiishaayi
akka ajaju godhe; isaan Amoonota loliisaaf
qophowane.
12 Yo'aab, «Worri Aaramii yoo natti jabaate, ati
na qarqaarta; worri Amoonotaa yoo sitti jabaate
ammoo ani si qarqaara.
13 Jabaadha'a! Kolbaa teennaa fi qachoota
Waaqa keennaatiifille jabaannee lolluu ti.
Mootiin Waan Maraa waan isa duratti dansaa
te'e hin huja» jedhe.

14 Achiin duuba Yo'aabii fi loltooti isaa worra
Aaramii loliisaaf duulane; worri Aaramii isaan
duraa baqatane.
15 Worri Aaramii akka baqatane worri
Amoonotaa yennaa dhage'ane, isaanille
obboleessa Yo'aabii Abiishaayi duraa baqatanee,
gara qachaa ifii deebi'anee seenane. Achiin
duuba Ya'aab gara Yerusaalemii deebi'e.

16 Worri Aaramii Israa'elootaan akka injifata-
mane yennaa dhaggane, namoota erganee worra
Aaramii ka laga Efraaxiisiitiin gama jiranu waam-
matane; Ajajaan loltoota Hadaad-Ezerii Shofaak
isaan sooresse.

17 Daawiti tana yennaa dhage'e, loltoota
Israa'elii mara wolitti qabatee Yordaanosiin
gamatti bu'ee, gara isaanii dhaqee loltoota
ifii fuullee isaaniititti lolaaf qopheesse; Worri
Aaramii isa lolane.

18 Te'uu malee, worri Aaramii Israa'eloota du-
raa baqatane; Daawiti worra Aaramii ka gar-
reettaa fardaan harkifamu oofanu kuma torba,
loltoota miilaa kuma afurtama ijjeese. Inni ajajaa
loltoota isaanii Shofaakille ijjeese.
19 Worri Hadaad-Ezer jala jiranu Israa'elootaan
akka injifatamane yennaa dhaggane, Daawiti
araara gaafatanee isaan bulane. Yennaa sanii
jalqabanee worri Aaramii Amoonota qarqaari-
isatti hin deebine.

# 20

*Daawiti Qachaa Raabaa Qabate*

1 Ji'a furmaataa yennaa moototi duultu, Yo'aab
loltoota fuudhee deeme. Inni lafa Amoono-
taa balleessee, gara qachaa Raabaalle dhaqee
marsee, lolee balleesse. Daawiti ammoo, qachaa
Yerusaalemii keessatti hafe.
2 Daawiti kallacha waaqa dharaa Miilkomii ka
worqii dhakaa gatii guddo'ootiin hujame, ka gara
kiiloogiraama soddomii afurii fudhatee, mataa
ifii irra keyate. Inni boojuu bacaa qachaa san
keessaa fudhate.
3 Namoota qachaa san keessa jiranu gad
baasee magaazi'iin, qotto'oo fi agara'aan akka
hujanu godhe; Daawiti waan kana worra qachaa
Amoonotaa keessa le'anu mara hujisiiseen
duuba, loltoota ifii mara woliin gara Yerusaalemii
deebi'e.
4 Achiin duuba Israa'elooti worra Filisxeemotaa
woliin Gezeritti wol lolane. Yennaa san nami
lafa Hushaa Siibekaayi sanyii Refaa'otaa keessaa
namicha, «Siiphaayi» jedhamu tokko ijjeese; Worri
Filisxeemotaalle injifatamane.

5 Ammalle lola worra Filisxeemotaa woliin wol
lolane ka dhibii keessatti, ilmi Yaa'iirii Elhaanaan,
obboleessa Goliyaadii Gaatichaa ka, «Laahim» jed-
hamu ka eboo somey isi'ii haga muka worri
woyaa dhowu, woyaa dhowu san itti maruu
geettu qabu ijjeese.
6 Akkasuma lola Gaatii ka dhibii keessatti nama
akka malee furdatu, ka sanyii Refaa'otaa te'e,
ka harka ifii tokko tokkoo fi miilla ifii tokko
tokkooyyuu irraa quba jaa jaa, wolumatti quba
diddamii afur qabu tokko jiraayyu.
7 Yennaa inni Israa'elootatti murge, ilmi
Shime'ee Yonaataan obboleessi Daawitii isa
ijjeese.
8 Isaan kun worra sanyii Refaa'ota ka Gaati
keessaa, ka Daawitii fi loltooti isaa ijjeesane.

# 21

*Daawiti Loltoota Laakkossiise*

1 Seexanni kolbaa Israa'elii irratti ka'ee, Daawiti
akka isaan laakkowu kakkaase.
2 Maarre Daawiti Yo'aabii fi ajajjoota
loltootaatiin, «Ani laakkossa namoota kiyyaa akka
beeku Bersheeba'aa haga Daaniititti Israa'eloota
laakkowa'aatii, kowa'aa natti hima'a» jedhe.
3 Yo'aab ammoo deebisee, «Mootiin Waan Maraa
kolbaa ifii dachaa dhibba baceessuu ti. Ee goottaa
kiyya, ee mootii kiyya, isaan martinuu tajaajil-
toota si goottaa kiyyaatii motii ree? Ati maaf isaan
laakkowuu barbaadde? Maaf waan yakkaa te'ee
isaanitti laakkowamu itti fidda?» jedhe.
4 Te'uu malee ajaji mootichaa Yo'aabitti waan
jabaateef, Yo'aab biraa bayee, biyya Israa'elii

mara keessa deemeen duuba Yerusaalemitti
deebi'ee,
5 laakkossa kolba'aa Daawititti hime. Isaan kun
Israa'el keessatti loltooti shallaaga'aan loltu miliy-
oona tokkoo fi kuma dhibba tokko, akkasuma Yi-
hudaa keessatti loltooti shallaaga'aan loltu kuma
dhibba afurii fi kuma torbaatamatti jiraayyu.
6 Te'uu malee, ajaji mootichaa Yo'aabitti
waan hin toliniif, inni gosa Lewwi'iitii fi gosa
Beniyaaminii hin laakkonne.
7 Waaqi ammoo ajaja kanatti waan hin gamma-
diniif, Israa'eloota adabe.
8 Achiin duuba Daawiti Waaqaan, «Ani
gowwumma'aan cubbuu guddoo akkasii waan
godheef, cubbuu ana tajaajilaa keetii akka
araarantuuf, si gaafadha» jedhe.
9 Mootiin Waan Maraa, Gaadii mudhii Daawitiif
dhaggutti dubbatee,
10 «Dhaqiitii Daawitiin, ‹Mootiin Waan Maraa:
Ani filannoo sad si'iif hin kenna; isaan keessaa
ka ani sitti fidu tokko filadhu siin jedha› jedhiin»
jedhe.
11 Maarre Gaadi gara Daawitii dhaqee, «Mootiin
Waan Maraa si'iin, ‹Tokko keessaa filadhu;
12 beela woggaa sadiif sitti fiduu yookiin ji'a
sadiif diina keeti biyya teeti keessa deemee
kolbaa teeti balleessu yookiin ergamaan kiyya
guyyaa sadiif shallaaga'aan yookiin bala'aan
lafa Israa'elii mara keessaa namoota akka fixu
filadhu› siin jedha. Amma ka na ergeef deebii
akka kennu murteeffadhuutii natti himi» jedhe.
13 Daawiti Gaadiin, «Ani muddama hamaa
keessa jira. Marartiin Mootii Waan Maraa

guddoo waan teeteef, harka Mootii Waan Maraatiin adabamuu naaf woyya malee, harka namootaatitti akka na hin lakkinneef, isa hin daadimadha» jedhe.
14 Maarre Mootiin Waan Maraa Israa'eloota irratti balaa buusee, namooti kum torbaatam dhumatane.
15 Waaqi Yerusaalem balleessiisaaf ergamaa ifii erge; ergamaan sun ammoo adoo balleessiisatti jiruu, Mootiin Waan Maraa badii qacha'aa san dhaggee gaddeefii, ergamaa Waaqaa ka kolbaa balleessiisatti jiruun, «Hin geetti; harka keeti irraa deebifadhu» jedhe. Yennaa san ergamaan Mootii Waan Maraa eeddummee Ornaa Yibusichaa bira dhaabbateeraayyu.
16 Daawiti ol ilaalee, ergamaa Mootii Waan Maraa ka shallaagaa buqqifamee Yerusaalem irratti ol fudhatame harkatti qabatee, wodhakkaa ol-gubba'aatii fi lafaa dhaabbateeru tokko dhagge. Achiin duuba Daawitii fi jaarsoleen woyaa gaddaa uffatanee adda ifiitiin lafatti gad gombifamane.
17 Daawitiin mootichi Waaqaan, «Kolbaa akka laakkowanu ka ajaje anaa motii ree? Ka cubbuu hujee, dokonkore ana. Isaan worra akka hoole'ee ti; isaan maan godhane ree? Ee Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya, adabbiin teeti anaa fi maatii tiyya irratti teetuu ti malee, kolbaa teeti irratti balaa hin buusin» jedhe.

### *Daawiti Addee Ciinca'aa Ijaare*

18 Achiin duuba ergamaan Mootii Waan Maraa, «Dhaqiitii Daawitiin, ‹Ka'ii ol bayiitii eeddummee Ornaa Yibusichaa keessatti, addee ciinca'aa

Mootii Waan Maraatiif ijaar› jedhi» jedhee Gaadi ajaje.

19 Maarre Daawiti dubbii Gaadi maqaa Mootii Waan Maraatiin dubbateef ajajamee, ka'ee olbaye.

20 Ornaan eeddumme'etti qamadii dhowiisatti adoo jiru, garagalee ergamaa Waaqaa dhagge; ilmaan isaa ta isa woliin jirtulle dhokatte.

21 Achiin duuba Daawiti gara Ornaa dhufe; Orna yennaa Daawiti dhagge eeddummee san keessaa bayee, Daawiti duratti lafatti gad gombifame.

22 Daawiti Ornaan, «Balaan kun kolbaa tana irra akka hin buuneef, addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif akka irratti ijaaru, eeddummee teeti gatii guutu'utti natti gurguradhu» jedhe.

23 Orna deebisee Daawitiin, «Fudhadhu goottaa kiyya, waan feete godhadhu. Kennansa gubamuuf, korommiin tiyya kunoo ti, qoraaniif ulee midhaan ittiin dhowanu, kennaa midhaaniitiif qamadii, ani kana mara hin kenna» jedhe.

24 Mootichi Daawiti ammoo deebisee Ornaan, «Waawwo'o; ani gatii guutu'uun si irraa bitadha malee, waan keeti yookiin waan gatii itti hin baasin Mootii Waan Maraatiif kennansa gubamu hin dhikeessu» jedhe.

25 Maarre Daawiti gatii eeddumme'ee beesee worqi'ii dhibba jaa Ornaaf kenne.

26 Daawiti eeddummee san keessatti addee ciinca'aa Mootii Waan Maraatiif ijaaree, kennansa gubamuu fi kennansa tokkumma'aa dhikeessee Mootii Waan Maraa waammate; Mootiin Waan

Maraalle ol-gubbaa irraa addee ciinca'aa irratti ibiddaan deebii isaaf kenne.
27 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa ergamaa san ajaje; ergamaan sun shallaagaa ifii gonofa'atti deebifate.
28 Yennaa san Daawiti eeddummee Ornaa Yibu-
sichaa keessatti Mootiin Waan Maraa deebii akka isaaf kenne yennaa dhagge, achitti ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeesse.
29 Yennaa san dunkaaniin Mootii Waan Maraa
ta Muuseen goomolee keessatti hujee fi addeen ciinca'aa ta kennansa gubamuu, addee waaqon-fanna'aa ta gaara Giibe'onii irraa keessa jirani-iyyu.
30 Daawiti ammoo shallaagaa ergamaa Mootii
Waan Maraa waan sodaateef, achi dhaqee Waaqa gaafatiisa hin dandeenne.

# 22

1 Achiin duuba Daawiti, «Galmi Mootii Waan Maraa ka Waaqaa as hin te'a; addeen kennansa gubamu Israa'el itti dhikeessitulle as hin teeti» jedhe.

### *Qophii Ijaarsa Galma Waaqaa*

2 Maarre Daawiti alagaa lafa Israa'elii keessa le'anu mara akka wolitti qabamanu ajaje; worra wolitti qabamane san keessaa ijaarsa Galma Waaqaatiif namoota dhakaa bocanee qopheessanu file.
3 Inni sibiila bacaa ka misimaaraa, ka saanqaa karraatii fi ka maaxafa'aa, akkasuma sageettuu bacaa hagana hin jedhanne qopheessee,

4 muka hindheensaalle ka laakkossi isaa hagana
hin jedhanne, ka worri Xiiroosiitii fi Sidoonii gara
isaa fide qopheesse.
5 Daawiti, «Ilmi kiyya Solomoon dargaggeessa;
muuxannoolle hin qabu; Galmi Mootii Waan
Maraatiif ijaaramu miidhagaa, gosa biyya adda
addaa duralle'etti beekkama'aa fi lafa maratti ka
ulfinna qabu te'uu qaba. Tanaaf, ani waan bar-
baachisu hin qopheessa» jedhe. Maarre Daawiti
du'a ifiitiin dura waan ijaarsaaf barbaachisu ba-
caa qopheesse.
6 Achiin duuba ilma ifii Solomoon waamee,
Galma Mootii Waan Maraa Waaqa Israa'elii akka
ijaaru ajaje.
7 Daawiti ilma ifii Solomooniin, «Ilma kiyya,
ani maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa kiyyaatiif
Galma ijaariisaaf yaadeeraayyu.
8 Ammoo jechi Mootii Waan Maraa gara kiyya
dhufee, ‹Ati duula bacaa duultee, fuula kiyya du-
ratti lafa irratti dhiiga namoota heddu'uu waan
dhangalaatteef, ati maqaa kiyyaaf Galma hin
ijaartu.
9 Kunoo, ilma nageyaatii fi fooraa si'iif hin
kenna. Ani diinota adaala isaa jiranu mara irraa
isa hin foorfachiisa. Bara mootummaa isaa keessa
ani nageyaa fi foora kolbaa Israa'eliitiif waan ken-
nuuf, maqaan isaa Solomoon hin jedhama.
10 Inni maqaa kiyyaaf Galma hin ijaara. Inni
ilma naaf hin te'a; anille abbaa isaaf hin te'a;
barcumaa mootummaa isaalle Israa'el keessatti
haga bara baraa hin jabeessa› jedhe.
11 «Amma, ilma kiyya, Mootiin Waan Maraa si
woliin jiraatuu ti; Mootiin Waan Maraa Waaqi

keeti Galma isaa akka ijaartuuf akkuma dub-
batetti, inni sii muummessuu ti.
12 Mootiin Waan Maraa Waaqi keeti kolbaa Is-
raa'elii irratti yennaa mootii si godhu, akka ajaja
isaatitti akka ati isaan bulchituuf, innummaan
qarumma'aa fi hubantii si'iif kennuu ti.
13 Ati seerata fi seera, Mootiin Waan Maraa
karaa Muuse'eetiin kolbaa Israa'elii ajaje jabeessi-
tee yoo eegatte, wonni ati hujju marti siif hin
teeti. Jabaadhuu, jajjabaadhu. Hin sodaatin; hin
nayinille'e.
14 Ani ijaarsa Galma Mootii Waan Maraatiif
rakkinna gudda'aan worqii kiiloogiraama miliy-
oonii sadii fi kuma dhibba afurii fi shantama,
sageettuu kiiloogiraama kuma soddomii afurii
fi dhibba shanii fi sibiila dhibii ka kiiloogiraam
isaa hagana hin jedhanne, akkasuma mukaa fi
dhakaalle qopheesseera. Atille itti ede'i.
15 Ati hojjattoota bacaa: ka dhakaa bocanu, ka
dhakaa muranu, ka muka bocanu qadda; akka-
suma ogeeyyii hujii gara garaa
16 ka hujii worqi'ii, meeti'iitii fi sageettu'uu ba-
caa qadda. Amma ka'iitii huji! Mootiin Waan
Maraa si woliin jiraatuu ti» jedhe.

17 Daawiti ammalle sooreyyiin Israa'elii marti
ilma isaa Solomoon akka qarqaartu ajajee,
18 «Mootiin Waan Maraa Waaqi keessan isin
woliin jiraa motii ree? Inni karaa maraan isin
foorfachiisee motii ree? Inni worra biyya tana
keessa le'anu harka kiyyatti dabarsee waan ken-
neef, isaan Mootii Waan Maraatii fi kolbaa isaatiin
bulan.
19 Amma gadhaa keessan tokkochaa fi lubbuu

teessan takkatti'iin Mootii Waan Maraa Waaqa keessan barbaada'a. Saanduqa Gondooro'oo Ka Mootii Waan Maraatii fi meya tajaajila Waaqaatiif adda baafame mara, gara Galma maqaa ka Mootii Waan Maraatiif ijaaramee fiddanee keessa akka keettanuuf, Galma Mootii Waan Maraa ka Waaqaa ijaara'a» jedhe.

# 23

*Lewwoota*

1 Daawiti bara hedduu le'ee yennaa dulloome,
ilma ifii Solomoon Israa'el irratti mootii godhe.
2 Inni sooressitoota Israa'elii mara, hayyootaa fi
Lewwoota wolitti qabee,
3 dhiira Lewwootaa ta woggaa soddomaa olii
laakkossiisee, wolumatti laakkossi isaanii kuma
soddomii saddeeti te'e.
4 Daawiti, «Isaan san keessaa namooti kum did-
damii afur hujii Galma Mootii Waan Maraa hujisi-
isanu ti; namooti kum jaa qondaaltotaa fi abbootii
mura'aa te'anu ti;
5 namooti kum afur karra eeganuu ti; namooti
kum afur meya ani akka ittiin leellifatanuuf
qopheesseen Mootii Waan Maraa leellifatanuu ti»
jedhe.
6 Daawiti Lewwoota akka ilmaan Lewwi'ii Ger-
shoo, Qehaatii fi Meraariititti, addee saditti gargar
hire.
7 Gershoon ilmaan lama La'adaanii fi Shime'ii
qabaayyu.
8 Ilmaan La'adaanii sadiin angafichi Yehii'el,
Zetaamii fi Yo'el.
9 Ilmaan Shime'ii sadiin Shelomoot, Hazii'elii fi
Kaaraan; isaan sooreyyii maatii La'adaanii ti.

10 Ilmaan Shime'ii arfan Yaahaat, Ziinaa, Ye'ushii fi Berii'a.
11 Yaahaat angaficha, Ziinaan ka isatti aanu. Ye'ushii fi Berii'a ammoo, ijoollee hedduu waan hin qanneef akka maatii tokkootitti laakkowamane.
12 Ilmaan Qehaatii afur: Amraam, Yizhaar, Kebroonii fi Uzii'el.
13 Ilmaan Amraamii: Aaronii fi Muuse'e. Aaronii fi sanyiin isaa waan irra caalaa woyyuu te'e eegiisaaf, Mootii Waan Maraatiif ciincaa dhikeessiisaaf, isa tajaajiliisaaf, maqaa isaatiin namoota haga bara baraa eebbisiisaaf adda baafamane.
14 Ilmaan Muusee nama Waaqaa, akka gosa Lewwi'iititti laakkowamane.
15 Ilmaan Muuse'ee Gershoomii fi Elii'ezer.
16 Ilmaan Gershoomii keessaa angafichi Shebu'el.
17 Ilmi Elii'ezerii angafichi Rehaabiya'a; Elii'ezer ilmaan dhibii hin qabu; Rehaabiyaan ammoo ilmaan hedduu qaba.
18 Ilmaan Yizhaarii keessaa angafichi Shelomiit.
19 Ilmaan Kebroonii: Angafichi Yeriiya'a; lammeessoon Amaariya'a; sadeessoon Yahaazi'el; arfeessoon Yeqaamii'aam.
20 Ilmaan Uzii'elii: angafichi Miika'a; lammeessoon Yishiiya'a.
21 Ilmaan Meraarii: Maahilii fi Mushi. Ilmaan Maahilii: Ele'azaarii fi Qiish.
22 Ele'azaar durra malee ilmaan adoo hin uumatin du'e; durra san ilmaan Qiishii ta obboleessa isaatittuu fuudhe.
23 Ilmaan Mushii sadiin: Maahil, Ederii fi Yeremoot.

24 Isaan kun marti gosa Lewwi'ii worra akka
maatii maatii isaaniititti, akka sooressitoota
maati'ii te'anee adduma addaan barreeffamane;
isaan keessaa nami woggaa diddamaa yookiin
woggaa diddamaa olii hujii Galma Mootii Waan
Maraa keessatti hujamu keessaa worra qooda
qabaate.
25 Daawiti, «Mootiin Waan Maraa, Waaqi Is-
raa'elii kolbaa ifiitiif foora kenneera; inni haga
bara baraa Yerusaalem keessa le'a.
26 Lewwooti haganaa achi Dunkaanii Woyyit-
tii yookiin meya achi keessatti tajaajila kennu
ba'atuu hin barbaachisu» jedhe.
27 Akkuma Daawiti muummee irratti dubbate,
ilmaan Lewwootaa ta woggaa diddamaa yookiin
woggaa diddamaan olii laakkowamane.
28 Hujiin Lewwootaa badhinna Galma Mootii
Waan Maraatii fi kolloo Galma Mootii Waan
Maraa eegaa, meya woyyicha mara qulqulleessi-
isa, sanyii Aaronii ta Galma Mootii Waan Maraa
keessa tajaajiltu qarqaariisa.
29 Ammalle hujiin isaanii daabboo Waaqaaf
woyyoontu*, bullaa kennansa midhaanii, daab-
boo uukoo hin qannelle zayiti'iin sukkuumiisaa fi
bilcheessiisaan, kennansa zayiti'iin wolitti maki-
isaan, safariisaa fi mikiisaan† qarqaariisa.
30 Isaan ammalle ganama maraa fi galgala mara
dhaabbatanee Mootii Waan Maraa galateeffataa,
leellifataa,

---

* **23:29** *Daabboo Waaqaaf woyyoontu:* Daabboon tun akka seera bara saniititti ta Waaqaaf xarapheessaarra keyanu † **23:29** *Mikiisaan:* Hagam akka dheerattu yookiin gabaabbattu meesha'aan ilaaliisa

31 guyyaa Sanbataa mara, baatii ji'aatitti,
guyyaa jila beekkamaneetitti, yennaa kennansi
gubamu Mootii Waan Maraatiif dhikaatu,
akkuma ajajamane laakkossi isaanii adoo hin
dhidhatin yennaa mara Mootii Waan Maraa
duratti tajaajilaaraniiyyu.
32 Akkasitti Lewwooti Dunkaanii Wold-
eenna'aatii fi Galma Mootii Waan Maraa
san keessa waan hujiisaaf itti gaafatamanu
muummessan. Isaan hujii firri isaanii ilmaan
Aaronii Galma Mootii Waan Maraa keessatti
hujanu qarqaarane.

# 24

### *Hayyootaaf Ramaddiin Huji'ii Kennante*

1 Sanyiin Aaronii akka kanatti ramadamane.
Ilmaan Aaronii: Naadaab, Abiihuu, Ele'azaarii fi
Itaamaar.
2 Naadaabii fi Abiihuun ammoo ijoollee adoo
hin uumatin, adoo abbaan isaanii hin du'in
du'ane; Ele'azaarii fi Itaamaar hayyoota te'anee
tajaajilane.
3 Qarqaarsa Zaadoqii sanyii Ele'azaariitii fi Ahi-
imelekii sanyii Itaamaariitiin, akka hujii isaani-
ititti, Daawiti sanyii Aaronii adda baase.
4 Maatii Ele'azaarii keessatti dhiirti sooreyyiin
dhiira sooreyyii maatii Itaamaarii keessaa caal-
tee dhaggantee jennaan, akka asii gadiititti ra-
madamane: Sooreyyiin maatii Ele'azaarii kud-
hanii jaa; ta maatii Itaamaarii saddeeti.

5 Maatiin Ele'azaariitii fi maatiin Itaamaarii qondaaltota Dunkaanii Woyyitti'iitii fi qondaaltota Waaqaa waan te'aneef, hixaa buusiisaan ramaddiin huji'ii isaaniif kennante.

6 Barreessaan Lewwootaa ilmi Nataani'elii Shemaa'iyaan Lewwichi mootichaa fi qondaaltota, hayyicha Zaadoq, ilma Ahiimelekii Abiyaataar, sooreyyii hayyootaatii fi Lewwootaa duratti, maqaa maatii Ele'azaariitii fi maatii Itaamaarii badoo bado'oon akka hixaa isaaniititti barreesse.

7 Hixaan qaraa Yehoyaariibiif, ka lammeesso'oo Yedaa'iya'aaf,

8 ka sadeesso'oo Haariimiif, ka arfeesso'oo Se'oriimiif,

9 ka shaneesso'oo Malkiiyaaf, ka jayeesso'oo Miiyaamiiniif,

10 ka torbeesso'oo Haqoziif, ka saddeetesso'oo Abiiyaaf,

11 ka sagaleesso'oo Yeshu'aaf, ka kudhaneesso'oo Shekaaniya'aaf,

12 ka kudhanii tokkeesso'oo Eliyaashiibiif, ka kudhanii lammeesso'oo Yaaqiimiif,

13 ka kudhanii sadeesso'oo Huphaadhaaf, ka kudha arfeesso'oo Yeshebi'aabiif,

14 ka kudhanii shaneesso'oo Bilgaaf, ka kudhanii jayeesso'oo Iimeriif,

15 ka kudhanii torbeesso'oo Heziiriif, ka kudha saddeetesso'oo Haphiizeziif,

16 ka kudhanii sagaleesso'oo Phetaayaaf, ka diddameesso'oo Yihesqeliif,

17 ka diddamii tokkeesso'oo Yaakiiniif, ka diddamii lammeesso'oo Gaamuliif,

18 ka diddamii sadeesso'oo Delaayaaf, ka did-
damii arfeesso'oo Ma'aaziyaaf bu'e.

19 Isaan kun akkuma Mootiin Waan Maraa
Waaqi Israa'elii isa ajajetti, akka abbaan abbootii
isaanii ta durii Aaron tarreessetti, yennaa Galma
Mootii Waan Maraa keessa seenanu seerati hujii
isaaniif kenname kana.

### *Lewwootaa Dhibii*

20 Sanyiin Lewwi'ii dhibiin ta asii gad jirtu:
Sanyii Amraamii keessaa Shubaa'el; Sanyii
Shubaa'elii keessaa Yedaa'iya'a.

21 Sanyii Rehaabiya'aa keessaa angaficha Yishi-
iya'a.
22 Yizhaarota keessaa Shelomoot; sanyii Shelo-
mootii keessaa Yaahaat.
23 Ilmaan Kebroonii: Sooressi Yeriiyaa, ka lam-
meesso'oo Amaariyaa, ka sadeesso'oo Yahaazi'el,
ka arfeesso'oo Yeqaamii'aam.
24 Ilmi Uzii'elii Miika'a; ilmaan Miikaa keessaa
Shaamiir.
25 Yishiiyaan obboleessa Miika'aa ti; ilmaan
Yishiiyaa keessaa Zakaariyaas.
26 Ilmaan Meraarii Maahilii fi Mushi; Benoon
ilma Ya'aziiyaa ti.
27 Sanyii Meraarii keessaa ilmaan Ya'aziiyaa:
Shohaam, Zaakurii fi Ibri.
28 Maahil Ele'azaar uumate; Ele'azaar ilmaan
hin uumanne.
29 Sanyii Qiishii keessaa, ilma Qiishii Yeraami'el.
30 Ilmaan Mushii: Maahil, Ederii fi Yeremoot;
isaan kun sanyii Lewwootaa worra akka maatii
maatii abbootii isaaniititti sooreyyii te'ane.

31 Isaanille akkuma fira ifii sanyii Aaronii
addee mootichi Daawiti, Zaadoqii fi Ahiimelek,
sooressitooti hayyootaatii fi Lewwooti jiranutti,
sooreyyiin maati'ii tokko tokkoon isaaniituu
gudda'aa haga diqqa'aatitti woluma qixxee hujii
hujii ifiititti ramadamiisaaf hixaa buufatane.

# 25

### *Faarsitoota Galma Waaqaa*

1 Daawitiin mootichi ajajjoota loltootaa woliin
sanyii Lewwootaa keessaa ilmaan Asaafii, ilmaan
Hemaaniitii fi ilmaan Yedutuu keessaa namoota
kiraaraan, kiraara guddichaa fi sibiila wolitti
dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuun
qarqaaramanee waan Waaqi isaanitti mudhisu
faaru'uun dhageessisanu filee adda baase.
Maqaan namoota hujii tanaaf filamanee asii
gad jira:
2 Ilmaan Asaafii keessaa: Zaakur, Yoseef,
Nataaniya'aa fi Asari'ela'a; isaan harka Asaafii
jala jiran; Asaaf harka Daawitii mootichaa jala
jira.
3 Ilmaan Yedutuu keessaa: Gedaaliyaa,
Zerii, Yeshaa'iyaa, Shime'ii, Hashabiiya'aa
fi Matiitiya'a; isaan jaan kun harka abbaa
ifii Yedutuu jala jiran; abbaan isaanii
kiraaraan Mootii Waan Maraa galateeffatiisaan,
leellisiisalle'een waan inni isatti mudhise
dhageessise.
4 Ilmaan Hemaanii keessaa: Bukiiyaa,
Mataaniyaa, Uzii'el, Shebu'el, Yeremoot,
Hanaaniyaa, Haanaan, Elii'aataa, Gidaalti,

Romamtii-Ezer, Yoshbaqaashaa, Malootii, Hotiirii fi Mahaazi'oot.
5 Isaan kun marti ilmaan Hemaanii ka mootichaaf mudhii dhagguu ti; Waaqi ulfinna guddaa Hemaaniif kenniisaaf, akkuma waadaa galetti, ilmaan kudhanii afurii fi durra sad isaaf kenne.
6 Namooti kun marti akka ajaja abbootii ifiititti Galma Mootii Waan Maraa keessatti sibiila wolitti dhowamee qoonqoo guddoo dhageessisuun, kiraara guddichaa fi maseenqo'oon tajaajilane. Asaaf, Yedutuu fi Hemaan ajaja mootichaa jala jiraniiyyu.
7 Fira isaanii woliin namooti meya faaru'uutiin Mootii Waan Maraa faarfatiisa leenji'ane, wolumatti namoota dhibba lamaa fi saddeettamii saddeeti.
8 Isaan ramaddii hujii ifii beekiisaaf jaarsa yookiin ijoollee, barsiisaa yookiin barataa adoo hin jedhin, marti isaanii woluma qixxee hixaa buufatane.
9 Hixaan qaraa maatii Asaafii keessaa Yoseefiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf, ka lammeesso'oo Gidaaliya'aaf, fira isaatii fi ilmaan isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
10 ka sadeesso'oo Zakuriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
11 ka arfeesso'oo Izriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
12 ka shaneesso'oo Nataaniya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
13 ka jayeesso'oo Bukiiya'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,

14 ka torbeesso'oo Yeshari'ela'aaf, ilmaan isaatii
fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
15 ka saddeetesso'oo Yeshaa'iya'aaf, ilmaan
isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
16 ka sagaleesso'oo Mataniiya'aaf, ilmaan isaatii
fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
17 ka kudhaneesso'oo Shime'iif, ilmaan isaatii fi
fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
18 ka kudhanii tokkeesso'oo Azaari'eliif, ilmaan
isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
19 ka kudha lammeesso'oo Hashabiiya'aaf, il-
maan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota
kudhanii lamaaf,
20 ka kudhanii sadeesso'oo Shubaa'eliif, ilmaan
isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
21 ka kudhanii arfeesso'oo Matiitiya'aaf, ilmaan
isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
22 ka kudhanii shaneesso'oo Yeremootiif, il-
maan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota
kudhanii lamaaf,
23 ka kudha jayeesso'oo Hanaaniya'aaf, ilmaan
isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii
lamaaf,
24 ka kudhanii torbeesso'oo Yoshbaqaasha'aaf,
ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota
kudhanii lamaaf,
25 ka kudhanii saddeetesso'oo Hanaaniif, il-
maan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota
kudhanii lamaaf,

26 ka kudhanii sagaleesso'oo Malootiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
27 ka diddameesso'oo Eliyaata'aaf, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
28 ka diddamii tokkeesso'oo Hotiiriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
29 ka diddamii lammeesso'oo Gidaaltiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
30 ka diddamii sadeesso'oo Mahaazi'ootiif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf,
31 ka diddamii arfeesso'oo Romamtii-Ezeriif, ilmaan isaatii fi fira isaatiif wolumatti namoota kudhanii lamaaf bu'e.

# 26

## *Eeddota Karra Galma Waaqaa*

1 Worri karra Galma Waaqaa eeguu ka asii gad jiru: Fira Qoraahotaa, ilmaan Asaafii keessaa tokko Meshelemiyaa ilma Qoree ti.

2 Meshelemiyaan ilmaan torba uumate; angafichi Zakaariyaas; lammeessoon Yidiiya'el, sadeessoon Zabaadiyaa, arfeessoon Yatnii'el,
3 shaneessoon Elaam, jayeessoon Yihohaanaan, torbeessoon Elyo'enaayi.

4 Obed-Edoomille ilmaan uumate: Angafichi Shemaa'iyaa, lammeessoon Yihozaabaad, sadeessoon Yo'aa, arfeessoon Saakaar, shaneessoon Nataani'el,

5 jayeessoon Amii'el, torbeessoon Yisaakor, sad-
deetessoon Phe'ultaayi. Kanaan Waaqi isa eeb-
bise.
6 Ilmi angafichi Obed-Edoomii Shemaa'iyaalle
ilmaan jaa uumate; isaan dandeettii guddoo waan
qabanuuf, sooreyyii maatii abbootii ifii te'ane.
7 Ilmaan Shemaa'iyaa: Otnii, Refaa'el, Obed,
Elzaabaad, Eliihuu fi Semaakiya'a; obboleeyyan
Elzaabaadii Eliihuunii fi Semaakiyaan dhiira
gootota te'ane.
8 Isaan marti sanyii Obed-Edoomii ti; isaan,
ilmaan isaaniitii fi firri isaanii marti worra
dandeettii huji'ii qabu; sanyiin isaa wolumatti
namoota jaatamii lama.
9 Meshelaam ilmaanii fi fira dandeettii qabanu
namoota kudhanii saddeeti qabaayyu.
10 Sanyii Meraarii keessaa, Hosaah ilmaan afur
uumate; isaan keessaa Shiimri sooressa; inni
angafa te'uu dhabulle, abbaan isaa akka inni
sooressa te'u godhe.
11 Lammeessoon Hilqiiyaa, sadeessoon
Xabaliyaa, arfeessoon Zakaariyaas; ilmaan
Hosaahiitii fi firri isaa wolumatti namoota
kudhanii sad.
12 Eeddoti karraa tun akkuma Lewwoota dhibii
Galma Mootii Waan Maraa keessa hujanuu,
sooreyyii ifii jalatti ramadamanee, hujii Galma
Mootii Waan Maraa hujiisaaf badoo qabaniiyyu.
13 Jaarsa, ijoollee adoo hin jedhin akka maatii
abbootii ifiititti, karra tam akka eeganuuf hixaa
buufatane.
14 Hixaan karra karaa aduun baatuu Shelemiif
bu'e. Achiin duuba hixaan karra gara kaabaa ilma
isaa ka namatti gorsiisa beeku Zakaariyaasiif,

15 hixaan karra kibbaa Obed-Edoomiif, hixaan
mana meyaa ilmaan isaatiif,
16 hixaan karra gara aduun seentuutii fi karra
Sheleketii ta karaa ol bayanu irraa, Shuphiimii
fi Hosaahiif bu'e. Eeddotille badoo bado'oon ee-
gane.
17 Guyyaa guyya'aan karra karaa aduun baatuu
Lewwooti jaa, karra gara kaabaa Lewwooti afur,
karra gara kibbaa Lewwooti afur, karra mana
meyaa tokko tokko Lewwooti lama lama,
18 karaa gara badhinna dalleya keessaa gara
aduun seentuu irratti Lewwooti afur, badhinna
dalleya keessaa ka karaa aduun seentuu sanille
Lewwoota lamatti eegaayyu.
19 Sanyii Qoraahiitii fi Meraarii keessaa eeddota
karraa worri te'ane isaan kana.

### *Hujii Galma Waaqaa Ta Dhibii*

20 Lewwoota dhibii keessaa Akiyaan itti gaafa-
tamaa qabeenna Galma Waaqaatii fi mana meya
kennaa Waaqaaf adda baafamee ti.
21 Fira Gershoonii, ilmaan La'adaanii keessaa ka
maatii La'adaanii irratti sooressa te'e Yehii'el,
22 Ilmaan Yehii'elii: Zetaamii fi obboleessi isaa
Yo'el itti gaafatantoota qabeenna Galma Waaqaa
ti.
23 Sanyii Amraamii, sanyii Yizhaarii, sanyii Ke-
brooniitii fi sanyii Uzii'elii keessaa namooti hujii
tanatti hirmaataneeraniiyyu.
24 Sanyii Gershoomii ilma Muuse'ee keessaa
Shubaa'el, itti gaafatamaa qabeenna Galma
Waaqaa te'e.
25 Inni karaa obboleessa Gershoomii
Elii'ezeriitiin Shelomootiif fira aantii isaa ti;

Elii'ezer Rehaabiyaa uumate; Rehaabiyaan Yeshaa'iyaa uumate; Yishaa'iyaan Yoraam uumate; Yoraam Ziikri uumate; Ziikri Shelomoot uumate.
26 Shelomootii fi firri isaa meya Daawitiin
mootichi, sooreyyiin maati'ii, ajajjooti kumaa, ajajjooti dhibbaatii fi ajajjooti hunna woraanaa dhibiin kennansa Waaqaaf adda baye mara irratti itti gaafatantoota.
27 Isaan meya yennaa duulaa saamame irraa,
Galma Waaqaa haaressiisaaf adda baasane.
28 Meyi tajaajila Galma Waaqaatiif adda
baafamee fi kennansi Saamu'eliin mudhii dhagguu fi ilmi Qiishii Saa'ol, ilmi Neerii Abneerii fi Yo'aab ka Zeruyaan deette fa'a fidane, Shelomootii fi fira isaatitti itti gaafatantoota itti te'ane.

*Hujii Lewwoota Dhibi'ii*

29 Sanyii Yizhaarii keessaa Qayinaanii fi ilmaan
isaa, hujii Galma Waaqaatiin alaatitti kolbaa Israa'elii irratti qondaaltotaa fi abbootii mura'aa te'ane.
30 Sanyii Kebroonii keessaa Hashabiiyaa fi firri
isaa namooti kum tokkoo fi dhibbi torbaa, hujii Waaqaatii fi hujii mootichaa ta laga Yordaanosii irraa karaa aduun seentu jirtu irratti itti gaafatamumma'aan ramadamane.
31 Akka hidda dhaloota maatii isaaniititti
sanyii Kebroonii keessaa, Yeriiyaan sooressa te'e. Daawiti mootii te'ee woggaa afurtameesso'ootitti yennaa galmeen qorqoramee sanyii Kebroonii keessaa loltooti goototi biyya Giil'aadii qachaa Yaazer keessatti dhaggamane.

32 Yeriiyaan firoota dandeettii qabanuu fi
sooreyyii maati'ii ka te'ane namoota kuma lamaa
fi dhibba torba qabaayyu; mootichi Daawiti
akka isaan kutaa biyya Ruubenii, kutaa biyya
Gaadiitii fi gamisa gosa Minaase'ee keessatti
hujii Waaqaatii fi hujii mootichaa hujanu itti
gaafatantoota godhe.

# 27

*Loltooti Kutaa Kuta'atti Qoodante*

1 Israa'elooti sooressitoota maati'ii, ajajjooti
kumaa, ajajjooti dhibbaa, qondaaltoti isaan
gurmeessanulle kutaa woraanaa keessatti
mootummaa kanaaf tajaajilane; kutaan
woraanaa tokko tokkoon isaatuu namoota kuma
diddamii afur ifi keessaa qabu kun woggaa
keessatti ji'a tokko tokko hujatiisaaf, kutaan
haarenni yennaa dhufu ka hujate ammoo hin
galaayyu; tarreen isaanii asii gad jiran:
2 Ilmi Zabdii'elii Yaashobi'aam, ajajaa kutaa
loltootaa ka ji'a qaraa yoo te'u, namooti kutaa isaa
keessaa kuma diddamii afur.
3 Inni sanyii Faaresii ti; ajjajjoota kutaa loltoota
ji'a qaraa maraafuu sooressi isa.
4 Dodaayi sanyiin Ahohii, ji'a lammeesso'ootitti,
ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a lammeesso'oo yoo
te'u, Miiklotille itti aanaa ajajaa kutaa loltoota
sanii ti; namooti kutaa isaa keessaa kuma did-
damii afur.
5 Hayyichi sooressi ilmi Yehoyaada'aa
Benaayaan, ji'a arfeesso'ootitti ajajaa kutaa
loltootaa ka ji'a sadeesso'oo yoo te'u, namooti
kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.

6 Benaayaan gootota soddoma keessaa goota
jaba'a. Ilmi isaa Amiizaabaad, ajajaa kutaa
loltoota abbaa ifii ti.
7 Arfeessoon, obboleessi Yo'aabii Asaahel, ji'a
arfeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a ar-
feesso'oo yoo te'u, ilmi isaa Zebaadiyaan addee
isaa bu'e; namooti kutaa isaa keessaa kuma did-
damii afur.
8 Nami Yizraahii Shaamhut, ji'a sha-
neesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a
shaneesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa
kuma diddamii afur.
9 Jayeessoon, ilmi Iqeshii nami Teqo'aa Liraan,
ji'a jayeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka jay-
eesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa keessaa
kuma diddamii afur.
10 Torbeessoon, sanyiin Efreemii nami Phelonii
Helez, ji'a torbeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa
ka ji'a torbeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa isaa
keessaa kuma diddamii afur.
11 Saddeetessoon, maatiin Zera'aa ka sanyii
Hushaa Siibekaayi, ji'a saddeetesso'ootitti, ajajaa
kutaa loltootaa ka ji'a saddeetesso'oo yoo te'u,
namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii afur.
12 Sagaleessoon, nami Anaatotii sanyiin
Beniyaaminii Abii'ezer, ji'a sagaleesso'ootitti,
ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a sagaleesso'oo yoo
te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii
afur.
13 Kudhaneessoon, maatiin Zera'aa nami
Netofa'aa Maharaay, ji'a kudhaneesso'ootitti,
ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a kudhaneesso'oo yoo
te'u, namooti kutaa isaa keessaa kuma diddamii
afur.

14 Kudhanii tokkeessoon, nami Phiiraatonii
Benaayaan sanyiin Efreemii, ji'a kudhanii
tokkeesso'ootitti, ajajaa kutaa loltootaa ka ji'a
kudhanii tokkeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa
isaa keessaa kuma diddamii afur.
15 Kudhanii lammeessoon, nami Netofa'aa
sanyiin Otnii'elii Heldaayi, ji'a kudhanii
lammeesso'ootitti, ajajaa loltootaa ka ji'a
kudhanii lammeesso'oo yoo te'u, namooti kutaa
isaa keessa kuma diddamii afur.

### *Sooressitoota Gosa Israa'elii*

16 Sooressitooti gosoota Israa'elii ka asii gad
jiranu: gosa Ruubenii ka sooressu ilma Ziikrii
Elii'ezer; gosa Shimi'oon ka sooressu, ilma
Ma'akaa Shefaaxiya'a.
17 Gosa Lewwi'ii ka sooressu, ilma Qemu'elii
Hashabiiya'a; maatii Aaronii ka sooressu, Zaadoq.
18 Gosa Yihuda'aa ka sooressu, obboleessa
Daawitii Eliihu'u; gosa Yisaakorii ka sooressu,
ilma Mikaa'elii Omiri.
19 Gosa Zebuloonii ka sooressu, ilma
Obaadiya'aa Yishmaa'iya'a; gosa Niftaalemii ka
sooressu, ilma Azrii'elii Yeremoot.
20 Gosa Efreemii ka sooressu, ilma Azaziya'aa
Hoshe'a'a; gamisa gosa Minaase'ee ka sooressu,
ilma Phedaaya'aa Yo'el.
21 Gamisa gosa Minaase'ee ka Giil'aadi
keessaa ka sooressu, ilma Zakaariyaasii Iddo;
gosa Beniyaaminii ka sooressu, ilma Abneerii
Ya'aasi'el.
22 Gosa Daanii ka sooressu, ilma Yerohaamii
Azaareli; isaan kun worra sooressitoota gosoota
Israa'elii te'e.

23 Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa Israa'elii akka
urjoota ol-gubba'aa hin baceessa» jedhee waadaa
waan galeef, Daawiti namoota woggaa diddamaa
gadii hin laakkonne.
24 Yo'aab ka Zeruyaan deette namoota
laakkowiisa jalqabee, ammoo laakkowee hin
muummessine; laakkowamiisa kolba'aa kanaaf
aariin Waaqaa kolbaa Israa'elii irratti waan
bobeetteef, laakkossi kolba'aa kitaaba dabarsii
mooticha Daawitii keessatti hin barreeffanne.

### *Itti Gaafatantoota Qabeenna Mootichaa*

25 Ilmi Adii'elii Azmaaweti, itti gaafatamaa
qabeenna mana mootumma'aa ti; ilmi Uziya'aa
Yonaataan, itti gaafatamaa qabeenna biyya
keessaa, qabeenna qachoota keessaa, qabeenna
ollaa keessaatii fi xelleephoo keessaa ti.
26 Ilmi Keluubii Ezri itti gaafatamaa hujii fichaa
qonnaa ti.
27 Nami qachaa Raamaatii Shime'i itti gaafata-
maa fichaa muka woyni'ii ti; Zabdiin nami Shi-
ifmii itti gaafatamaa cunfaa midhaan woyni'ii ka
fichaa muka woyni'ii keessatti kuufamuu ti.
28 Ba'aal-Hanaan nami Gederii itti gaafatamaa
mukoota ejersaatii fi mukoota harru'uu kooba
karaa seensa adu'uutiin jalaa ti; Yo'aas itti gaafa-
tamaa kuusaa zayitii ejersaa ti.
29 Nami Shaaronii Shiitraay, itti gaafatamaa
loon Shaaron keessa tikatanuu ti; ilmi Adlaay-
imii Shaafaax itti gaafatamaa loon dhooqa keessa
tikatanuu ti.
30 Obiiliin Ishimaa'elichi itti gaafatamaa gaalaa
ti; nami Meronootii Yedaa'iyaan, itti gaafatamaa
harreele'ee ti.

31 Nami Hagirii Yaaziiz, itti gaafatamaa
hoolotaa ti; isaan martinuu itti gaafatantoota
qabeenna Daawitii mootichaa ti.
32 Abbaa diqqaan Daawitii mootichaa Yon-
aataan, ka namatti gorsu, nama hubata'aa fi
beeka'a. Yehii'el ilmi Hakmonii ilmaan mootichaa
guddisaa ture.
33 Ahiitofel gorsaa mootichaa ti; Hushaayi nami
kolbaa Arkii lansa mootichaa ti.
34 Ahiitofelitti aanee ilmi Benaayaatii Yehoy-
aadaan, isatti aanee Abiyaataar addee fudhatane.
Yo'aab ajajaa loltoota mootichaa te'e.

# 28

*Daawiti Galma Waaqaa Ijaariisaaf Qajeelfama Baase*

1 Mootichi Daawiti qondaaltota kolbaa Israa'elii
mara sooressitoota gosaa, ajajjoota kutaa
loltootaa, ajajjoota kumaa, ajajjoota dhibbaa, itti
gaafatantoota qabeenna maraa, itti gaafatantoota
loon mootichaatii fi ilmaan isaa, qondaaltota
mana mootumma'aatii fi loltoota gootota
Yerusaalemitti wolitti waame.
2 Achiin duuba mootichi Daawiti ka'ee dhaaba-
tee, «Obboleeyyan tiyya, kolbaa tiyya, na dhage'a'a.
Ani mana Saanduqi Gondooroo Mootii Waan
Maraa keessa tee'u, miilli Waaqa keennaa ka
keessa ijjatu ijaariisaaf yaadadhee, ijaariisaafille
qophii godhadheera.
3 Waaqi ammoo anaan, ‹Ati nama woraanaa, ka
dhiiga dhangalaaseeru waan teeteef, ati Maqaa
kiyyaaf mana hin ijaartu› jedhe.

4 Te'uu malee Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, akka ani kolbaa Israa'elii haga bara baraa bulchuuf, maatii abbaa kiyyaa duudii keessaa na fileera. Gosa Yihuda'aa sooressitoota akka te'anuuf, sanyii Yihuda'aa keessalle'ee maatii abbaa kiyyaa filatee, ilmaan abbaa kiyyaa keessalle'ee akka ani kolbaa Israa'elii mara irratti mootii te'uuf natti gammadeera.
5 Mootiin Waan Maraa ilmaan hedduu naa kenneera; ilmaan tiyya mara keessalle'ee barcumaa mootumma'aa ka mootummaa Mootii Waan Maraa irra tee'ee, kolbaa Israa'elii mara akka bulchuuf ilma kiyya Solomoon filateera.
6 Mootiin Waan Maraa anaan, ‹Ilmi keeti Solomoon ilma kiyya akka naaf te'u, ani abbaa akka isaaf te'u waan filadheef, inni mana kiyyaa fi badhinna mura'aa kiyya naaf hin ijaara.
7 Inni akkuma amma godhu kana, ajajaa fi seera kiyya jabeessee yoo eege, ani mootummaa isaa haga bara baraa hin jabeessa› jedhe.

8 «Maarre amma ani lafa dansaa tana akka dhaaltanuu fi ijoollee teessaniifille dhaala bara baraa akka gootanuuf, ajaja Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa akka dansaa akka eegattanuuf, kolbaa Israa'elii mara, wolde'a Waaqaa duratti, Waaqa keenna ka nu dhage'uu fi ka nu dhaggu duratti isin ajaja.

9 «Atille Solomoon, ilma kiyya, Mootiin Waan Maraa gadhaa nama maraa qorqoree waan ilaaluuf, yaada namaatii fi karoora namaa waan beekuuf, Waaqa abbaa keetii beekiitii, gadhaa tokkochaa fi qalbii fedhii qadduun isa tajaajili. Ati yoo isa barbaadde, isa hin dhaggita; ati yoo isa

lakkitte innille haga bara baraa si hin lakkisa.
10 Kunoo, addee woyyittii Galma Waaqaa akka
ijaartuuf, Mootiin Waan Maraa si filateera; atille
jabaadhuutii hujadhu» jedhe.

11 Achiin duuba Daawiti fakkii karoora ijaarsaa
ta soroo Galma Waaqaa, ta kutaa badhoo mana
keessaa, ta kutaa meya gatii guddo'oo keessa
keyanuu, kolloota mana mana irraa, kolloota gara
keessaa ta addee araarri cubbuu kolba'aa itti ken-
namuu ilma ifii Solomoonitti kenne.
12 Inni fakkii karoora badhinna dalleya keessaa
ka Galma Mootii Waan Maraa, kolloota Galma
sanitti naanneffamanee ijaaranuu mara, kolloota
qabeenna Galma Waaqaatii fi waan Waaqaaf
adda baye keessa keyanu akka qalbii isaa keessaa
qabutti ilma ifiititti kenne.
13 Inni ammalle ramaddii hayyootaatii fi Lew-
wootaa maan akka hujanu, hujiin tajaajila Galma
Mootii Waan Maraa keessaa marti attam akka
hujantu, meen achi keessa ittiin hujanu kam akka
te'e isatti hime.
14 Meya worqii irraa hujamee, hujii adda addaa
ittiin hujiisaaf barbaachisuuf, haga worqii isaa,
meya meetii irraa hujamee, hujii adda addaa ittiin
hujatiisaaf barbaachisuufille haga meetii isaa,
15 akkuma tajaajila waan issaan irra keyamuu-
titti, waan issaa irra keyanu ka worqii irraa hu-
jamee fi issaa isaa ka worqii irraa hujame haga
worqii isaa, waan issaan irra keyamu ka meetii
irraa hujamee fi issaa isaa ka meetii irraa hujame
haga meetii isaa,
16 xarapheessaa daabboo Waaqaaf woyyoontu
irra keyanu tokko tokkoo isaatiif, haga worqii

isaa, xarapheessaa meetii irraa hujamuuf, haga
meetii isaa,
17 filaa fooniitiif, qori'iif, muduunu'uuf, worqii
qulluu; qorii boollitti'iifille tokko tokkoofuu haga
worqii isi'ii, qorii meeti'iitiifille tokko tokkoofuu
haga meetii isi'ii,
18 addee ciinca'aa ta hixaanni irratti aarfamuuf,
worqii baqisiifante, akkasuma fakkii karooraa ta
ifii garreettaa harkifamu ka dada ol-gubba'aa ta
koola qadduu ka worqii irraa hujamee, koollii
isaanii Saanduqa Gondooro'oo ka Mootii Waan
Maraa irra gonboobeeru san itti kenne.
19 Daawiti, «Karoorri kun martinuu Mootiin
Waan Maraa na qajeelchee barreeffame; inni na
qarqaaree waan karoora kana keessa jiru mara
hubadhe» jedhe.
20 Achiin duuba Daawiti ilma ifii Solomooniin,
«Jabaadhu, jajjabaadhuutii huji. Waaqi kiyya,
Mootiin Waan Maraa Waaqi si woliin waan
jiruuf, hin sodaatin, hin nayinille'e. Haga hujiin
Galma Waaqaa tun hobbaatutti inni si hin lakkisu
yookiin si hin gatu.
21 Kunoo, hayyootii fi Lewwooti hujii Galma
Waaqaa maraaf ramadamanee qophowaneeran;
worri hujii harkaatiin ogeeyyii te'ane,
hujiisaafille fedhii ka qabanu marti si hin
qarqaaran. Qondaaltotii fi kolbaan marti waan
ati ajajje mara hin fudhatan» jedhe.

# 29

### *Kennansa Ijaarsa Galma Waaqaatiif Kenname*

1 Achiin duuba mootichi Daawiti gumii san
maraan, «Ilmi kiyya Solomoon ka Waaqi filate

kun mucaa diqqa'a; muuxannoolle hin qabu. Manni guddaan ijaaramu kun Mootii Waan Maraa Waaqaaf ijaarama malee, namaafii moti; tanaaf hujiin isaa tun hujii guddo'o.
2 Kunoo, ani haga hunna tiyyaatitti, Galma Waaqa kiyyaa ijaariisaaf meya worqii irraa hujamuuf worqii, meya meetii irraa hujamuuf meetii, meya sageettuu irraa hujamuuf sageettuu, meya sibiila irraa hujamuuf sibiila, meya muka irraa hujamuuf muka, akkasuma dhakaa Sardoniikiille, dhakaa gatii guddo'oo ka tarree galchanee ittiin mana miidhassanu, dhakaa gurraacha calalaqaa, dhakaa gatii guddo'oo ka bifa adda addaatii fi dhakaa adii calalaqaa baceessee qopheesseera. Isaan kana mara baceessee wolitti qabeera.
3 Kana maleelle, ani jaalaltii hujii Galma Waaqaa waan qabuuf, waan qara Galma Waaqaa kanaaf qopheesse irratti dabalee, qabeenna kiyya keessaa worqi'ii fi meetii hin kenna:
4 Dalleya Galma Waaqaa midhassiisaaf worqii Ofiirii gara kiiloogiraama kuma dhibbaatii fi meetii gara kiiloogiraama kuma dhibba lamaa fi kuma afurtamaa,
5 meya ogeessoti hujanu maraaf, ka worqi'iin hujamuuf worqii, ka meetii irraa hujamuuf meetii hin kenna. Maarre adha fedha ifiitiin ka Mootii Waan Maraatiif ifi woyyoonsu eennu ree?» jedhe.
6 Achiin duuba sooreyyiin maati'ii, qondaaltoti gosa Israa'elii, ajajjooti kumaa, ajajjooti dhibbaatii fi itti gaafatantooti hujii mootichaa fedha ifiitiin kennansa kennane.

7 Ijaarsa Galma Waaqaatiif worqii gara kiiloogi-
raama kuma dhibba tokkoo fi kuma torbaatama
caaltu, meetii gara kiiloogiraama kuma dhibba
sadii fi kuma afurtama caaltu, sageettuu gara ki-
iloogiraama kuma dhibba jaa fi kuma diddamaa
kenniisaaf murteessane. Sibiila gara kiiloogi-
raama miliyoona sadii fi kuma dhibba afurii fi
kuma shantama.
8 Worri dhakaa gatii guddo'oo qabanu,
ka qabeenna Galma Waaqaa eegu Yehii'elii
Geshoonichatti kennane.

*Daawiti Waaqa Leellise*

9 Sooressitooti isaanii fedha ifiitiin, gadhaa
tokkochaan Mootii Waan Maraatiif waan kenni-
teef, kolbaan gammadde. Mootichi Daawitille
guddoo gammade.
10 Mootichi Daawiti achitti kolbaa mara du-
ratti Mootii Waan Maraa leellisee, «Waaqa abbaa
keenna Israa'elii haga bara baraa leellifami.
11 Ee Mootii Waan Maraa, ati gudda'a; hun-
naamessalle'e. Ulfinni, baalli'ii fi arnyi keeti.
Wonni ol-gubba'aa fi lafa irra jirtu marti teeti; ati
mooticha waan maraan olii ti.
12 Durumma'aa fi ulfinni marti si biraa dhufan.
Ati jabeennaa fi hunna teetiin waan mara bul-
chita. Ati nama mara gudda'aa fi jabaa tolchuu
hin dandeetta.
13 Amma, Waaqa keenna, si galateeffanna;
maqaa keeti ulfaataa hin leellifanna.
14 «Nuuti fedha keennaan akkas akka kenninu
ka nu dandeessitte ani eennu? Kolbaan tiyyalle
eennu? Wonni marti kennansa si biraa nuuf
dhufe; waanuma duruu keeti te'e qofa deebinnee
siif kennine.

15 Nuuti si duratti akkuma abbootii teenna ta
durii akka alaga'aatii fi akka keessumma'aa ti.
Barri keenna lafa irratti akka gaaddisaa ti; du'a
jalaa miliquu hin dandeennu.
16 Ee Mootii Waan Maraa, Waaqa keenna,
ulfinna Maqaa keeti woyyichaatiif Galma ijaari-
isaaf, meyaa fi horiin bacaan nuuti sii kennine
marti si biraa nuu dhufane; wonni kun martinuu
teeti.
17 Waaqa kiyya, ati gadhaa namaa akka qorqor-
tuu fi yaada qajeela'atti akka ati gammaddu ani
hin beeka. Tanaaf, ani waan kana maraayyuu
fedha kiyyaan, yaada qajeela'aan kenneera; kol-
baan teeti ta asitti dachaateertulle fedha ifiitiin
kennansa sii kenniisaaf attam akka gammadelle
ani dhaggeera.
18 Ee Mootii Waan Maraa Waaqa abbootii
teenna ta durii ka Abrahaamii, ka Yisihaqii, ka
Israa'elii yaada kolbaan teeti sii kennite kana
haga bara baraa gadhaa isaanii keessatti isaaniif
eegi; akka si'iif addatamanulle godhi.
19 Ilmi kiyya Solomoon ajaja, seeraa fi seerata
keeti eegatee, waan ani qophii godheen Galma
ijaariisa akka dande'u fedhii guutuu isaaf kenni»
jedhe.
20 Achiin duuba Daawiti kolbaa san duudi'iin,
«Mootii Waan Maraa Waaqa keessan leellisa'a!»
jedhe. Kolbaan sun duudiin Mootii Waan Maraa
Waaqa abbootii ifii leellifatte; isaan gad jedhanee,
Mootii Waan Maraatii fi mootichaafille ulfinna
kennane.

### *Solomoon Mootii Te'e*

21 Boruyyaa isaan ciincaa Mootii Waan
Maraatiif dhikeessane; kennansa gubamu
Mootii Waan Maraatiif korommii kuma tokko,
korbeeyyii hoole'ee kuma tokko, buruusoo
korbeeyyii hoole'ee kuma tokko kennansa
unto'oo woliin, ciincaan bacaan marroo kolbaa
Israa'elii maraatiif dhikaate.
22 Gaafa san isaan gammada gudda'aan Mootii
Waan Maraa duratti nyaatanee unane.

Achiin duuba isaan ilma Daawitii Solomoon
akka inni mootii te'u yennaa lammeesso'oo Mootii
Waan Maraa duratti muudane; Zaadoqille akka
hayyuu te'u muudane.
23 Achiin duuba Solomoon addee abbaa ifii
Daawitiititti, barcumaa Mootii Waan Maraa irra
tee'e. Wonni marti isaaf teetee, kolbaan Israa'elii
martille isaaf ajajante.
24 Sooressitootii fi dhiirti goototi marti, ilmaan
Daawitii mootichaa martille, akka isaaf ajaja-
manu Solomoonii mootichaaf mirkaneessane.
25 Mootiin Waan Maraa kolbaa Israa'elii mara
biratti Solomoon, nama guddoo beekkamaa akka
te'u godhee, arnya mootumma'aa ka mootota
isaan qara Israa'el irratti mootii te'ane irra ijju-
maa hin jirre, isaaf kenne.

### *Du'a Daawitii*

26 Ilmi Iseyii Daawiti kolbaa Israa'elii mara ir-
ratti mootii te'e.
27 Inni Kebroon keessa tee'ee woggaa torba,
Yerusaalem keessa tee'ee woggaa soddomii sad,
wolumatti inni woggaa afurtama Israa'el bulche.
28 Achiin duuba inni durumma'aa fi ulfinna
dhaggatee, bara hedduu le'ee, dulloomee du'e.
Ilmi isaa Solomoon addee isaatitti mootii te'e.

29 Wonni mootichi Daawiti bara mootummaa
ifii keessa huje, jalqabaa haga dhumaatitti, ki-
taaba dabarsi'ii ka Saamu'elii mudhii dhagguu,
kitaaba dabarsi'ii ka Naataanii raagichaatii fi
kitaaba dabarsi'ii ka Gaadii mudhii dhagguu
keessatti dhaggama.
30 Barreeffama san keessatti marroon
mootummaa isaa, marroon gootummaa isaa,
wonni isa irra dhaqqabe, wonni kolbaa Israa'elii
irra dhaqqabe, wonni mootummoota biyya
lafaa ta dhibii irralle dhaqqabe martinuu
barreeffameera.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e